

**QAACCESSA OGUMMAADUBBISUU BARATTOOTA AFAAN  
OROMOO :HAALA MANA BARUMSAA**

**QOPHAA'INA KOMBOSHA KUTAA 12FFAA**

**GEETAACHOO ASAFFAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII  
LAMMAFFAA(MA)AFAANOROMOO BARSISUUF  
GAMIISAAN GUUTTACHUUF**

**DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**KOLLEEJII NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANOOTAA,  
JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII YUNIVARSIITII ADDIS**

**ABABAA**

**HAGAYYA 2010/2018**

**FINFINNEE**

**QAACCESSA OGUMMA/ JU BARATTOOTA AFAAN  
OROMOO :HAALA MALLA BARUMSAA QOPHAA'INA  
KOMBOSHAA KUTAA 12FFAA**

**GEETAACHOO ASAFFAA**

**GORSITUUN: AADDE KURII BAAY'ISAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN  
OROMOO BARSII SUUF GAMIISAAN GUUTTACHUUF**

**DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII  
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTAA,  
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSITII  
ABABAA**

**HAGAYYA2010/2018**

# FINFINNEE

Yuunivarsiteeti Naannoo Oromoo

## Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuuf guuttachuuf  
Geetaachoo Asaffaatiin Mata duree: Qaaccessa Ogummaa Dubbisuu Barattoota  
AfaanOromoo:Haala Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa Kutaa 12<sup>ffaa</sup> jedhu irratti qophaa'e  
sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

QoraaAlaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

QoraaKeessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

Itti gaafatamaa Muummee ykn walitti qabaa sagantaa digirii Lammaffaa (MA)

## **Axereeraa**

*Kaayyoon gooroo qorqnnoo kanaa,dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan Qophaa'ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> qaaccessuun hubachuudha.Ogummaa dubbisuu kana qaaccessuuf,odeeffannoo barbaachisu funaannachuudhaaf,mala hammamtaafi akkamtaatti dhimma bahamee jira.Mala iddatteessuu carraatiin,barattoonni kutaa 12<sup>ffaa</sup> 122,mala kaayyeffataatiin barsiisonni lama filamanii jiru.Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaa,bargaaffii,daawwannaa,afgaaffiifi battallee yookaan qormaataan odeeffkennitoota irraa walitti qabame,akkaataa walitti dhiyeenya yaada isaaniitiin qindaa'anii bifa lakkoofsaafi ibsaatiin qaaceffamaniiru.Argannoowwan guguddoon qorannoo kanaan bira gahamanis: barattoonni yeroo kenname keessatti barreeffama tokko dubbisanii hubachuurratti dandeettii gadi bu'aa qabaachuu,barsiisonni barreeffama dubbisamee hubatamu yemmuu kennan yeroo kan hindaangessine ta'uu,barsiisonni callisaan dubbisuutti fayyadamuu dhiisuun barattoota sagalee olkaasisuun dubbisiisuu,barattoonni barreeffama kenname keessaa hiika dhokataa baasuurratti,galumsarraa hiika jechoota haaraa hubachuurratti dandeettii gadibu'aa qabaachuu,barsiisonni barreeffama kenname keessaa barattoonni hiika dhokataa akka baasan,galumsarraa hiika jechoota haaraa akka hubatan taasisuurratti hanqina shaakalsiisuu qabaachuu,barattoonni sagalee olkaasanii yemmuu dubbisan hanqina dogoggoraan dubbisuu qabaachuu,barsiisaan dogoggora dubbisuu barattoonni akka adda baasatan,fooyyessatan deeggaruufi jajjabeessuu irratti hanqinni- mul'ateera.Dhumarrattis, yaboowwan guguddoo ta'an:barattoonni barreeffama yeroon daanga'e hubachuu shaakaluu, callisaan dubbisuutti fayyadamuu, barreeffama keessaa hiika dhokataa shaakaluu, hiika jechoota haaraa galumsarraa baasuu shaakaluu, sagalee olkaasuun yemmuu dubbisan yeroon walqabsiisuun shaakaluun gaarii ta'a. Barsiisaanis,barattoonnidogoggora isaanii adda baasuun akka sirreeffataniifi yeroon walqabsiisuun shaakalsiisuu, dubbisa dabalataa kennuun gaarii ta'uu yaanni furmaataa kennameera.*

## Galata

Waaqayyo, isa bu'aa ba'ii hedduu keessa nadabarsee asiin naga'eef galanni koo baay'ee guddaadha. Itti aansuun hojiin qorannoo kun akka milkaa'uuf wixinee qorannoo irraa hanga xumuraatti, muuxannoofi ogummaa isaanii osoo hinqusatiin, deeggarsa ogummaa naaf gochaa kan turan, Barsiistuu Kurii Baay'isaaf galanni koo kan onnee irraa madde.

Yunivarsiitiin Addis Ababaa nasimachuu irraa kaasee nabarsiisuun kan nadeeggare, galanni koo guddaadha.

Itti aansuun, maatii koo otoo hinbaratiin kan na barsiisaniifi yeroo rakkoo bu'ii ba'ii jireenyaa kan ana waliin rakkachaa turan otoo hingalateeffatiin hindarbu. Keessumaa obboleessa koo Shifarraa Asaffaa, akkan cimee baradhuuf deeggarsa yaadaafi dinagdeen nadeeggaraa ture galatoomin jedha.

Dhumarrattis, Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa galma ga'insa qorannoo kanaaf kan nadeeggaraa ture, akkasumas barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> fi barsiisota kutaadhuma kana Afaan Oromoo barsiisan galatoomaan jedha.

## **BAAFATA**

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Axereeraa .....	i
Galata .....	ii
Baafata Gabateewwanii .....	vi
Boqonnaa Tokko : Seensa.....	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa .....	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	5
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7. Qindoomina Qorannichaa .....	5
Boqonnaa Lama : Sakatta’a Barruu .....	6
2.1 Maalummaa Dubbisuu .....	6
2.2. Barbaachisummaa Dubbisuu.....	7
2.3. Gulantaalee Dubbisuu .....	8
2.3.1 Gulantaa Dubbisuun Duraa.....	8
2.3.2. Gulantaa Yeroo Dubbisaa.....	9
2.3.3. Gulantaa Dubbisuun Boodaa .....	9
2.4. Tarsiimoolee Dubbisuu .....	10
2.4.1. Sakatta’aan Dubbisuu .....	10
2.4.2. Ariitiin Dubbisuu .....	11
2.4.3. Bal’inaan Dubbisuu .....	11
2.4.4. Gadi Fageenyaan Dubbisuu .....	12
2.5. Amaloota Dubbisuu.....	12
2.5.1. Amala Dubbisuu Ga’umsa qabu ykn Ta’uumsee .....	12
2.5.2. Amala Dubbisuu Alta’uumsee.....	13
2.6. Sirrummaa Dubbisuu.....	13
2.7 Saffisa Dubbisuufi Hubannaa.....	14

2.7.1. Bashannanaaf dubbisuu. ....	14
2.7.2. Sirriitti Hubachuuf Dubbisuu.....	14
2.7.3.Odeeffannoo Argachuuf Dubbisuu .....	14
2.8. Dubbisuf Haala Dhiyeenya Dubbisaaa .....	16
2.9. Dandeettii Dubbisuu Barattooni Sadarkaa 2ffaafi Olaanaa Gabbifachuu Qaban .....	17
2.10. Barsiisaan Kan Raawwachuu Qabu .....	18
2.11. Barsiisaan Kan Raawwachuu Hinqabne .....	19
2.12. Dubbistoonni Kan Raawwachuu Qban .....	19
2.13. Hiika dhokataa.....	20
2.14. Hiika Galumsaa .....	20
2.15.Dubbisuufi Jechoota Haaraa.....	21
2.16. Gaaffilee Dubbisa Waliin Walqabatan.....	22
2.16.1. Gaaffilee Dubbisa Duraa.....	22
2.16.2.Gaaffilee Yeroo Dubbisuu. ....	23
2.16.3. Gaaffilee Dubbisa Boodaa. ....	23
2.17. Gosa Qormaataa Dubbisa Waliin Walqabatan.....	24
2.18. Dandeettii Dubbisuu Barattoota Irratti Wantoota Dhiibbaa Geessisan .....	26
2.19. Sakatta'a Barruu Walfakkii .....	28
Boqonnaa Sadii : Saxaxaafi Malleen Qorannichaa.....	31
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	31
3.2.Mala Qorannichaa .....	31
3.3. Madda Odeeffannoo .....	32
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu .....	32
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa .....	34
3.5.1. Bargaaffii .....	34
3.5.2. Daawwannaa Daree .....	35
3.5.3. Afgaaffii .....	35
3.5.4. Qormaata.....	36
3.6. Malleen Qaaccessa ragaalee.....	36

Boqonnaa Afur : Dhiyeessaafi Qaaccessa Ragaalee.....	37
4.1 Qaaccessa Odeeffannoo Bar-gaaffii Barattootarraa Argame .....	37
4.2 Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisotaa .....	42
4.3. Qaaccessa Ogummaa Sagalee Olkaasuun Dubbisuu .....	45
4.4. Qaaccessa Qormaata Barattootaa Dubbisaan Walqabatu.....	47
Boqonnaa Shan : Gudunfaa, Argannoofi Yaboo .....	50
5.1. Gudunfaa .....	50
5.2. Argannoo.....	50
5.3 Yaboo .....	52
Wabiilee	
Dabalee	



## Baafata Gabateewwanii

### QabiyyeeFuula

4.1.1. Gabatee qaaccessa Bar-gaaffii barattootaa .....	37
4.3.1. Gabatee Qaaccessa Ogummaa Sagalee Olkaasuun Dubbisuu .....	45
4.4.1. Gabatee Qaaccessa Gaaffilee Qormaata Dubbisuun Duraa.....	47
4.4.2. Gabatee Qaaccessa Gaafflee Qormaata Yeroo Dubbisuu.....	48
4.4.3. Gabatee Qaaccessa Gaaffilee Dubbisuun Boodaa .....	49

## **BoqonnaaTokko : Seensa**

### **1.1. Ariirrata Qorannichaa.**

Dubbisuun adeemsa baruufi barsiisuu keessatti karaa ittiin wanti barreeffamee jiru ittiin hubatamu. Kana jechuun dubbisuun waan barreeffamaan jiru irraa yaada beekumsa kennu karaa itti argatan yookaan gonfatan jechuudha.. Aebersold and Field (1997:5) akka ibsanitti, “Reading is the process of looking at series of written symbol and gating meaning from them.” Jedhu. kunis, dubbisuun barruu barreeffamaan jiru sirriitti ilaaluun hiikoo itti kennaniin kan uumamu. Karaa biraatiin William (1984:41) waa’ee dubbisuu yoo ibsu, “Reading is the process of decoding symbols; looking at words and understanding what has been written.” jedhu. Yaanni kun kan nuhubachiisu, dubbisuun mallattoolee, fakkiifi waantota barreeffaman adeemsa hubachuuti. M.F Patel and Praveen M. . (2008: 113) itti dabaluu, “Reading means to understand the meaning of printed words i.e, written symbols. Reading is an active process which consists of recognition and comprehension skill.” Jedhu. Kana jechuunis, dubbisuun jechoota barreeffamaniifi mallattoolee irraa hiikasaa hubachuudha.

Kanamalees, dubbisuun adeemsa si’ataa dandeettii hubannaa ofkeessatti qabatudha. Smith (1978:100) dubbisuun akka salphaatti hiika ifaafi gabaabaa ta’e itti kennuun rakkisaa akka ta’eefi hiikni gosa tokkoofi kallattii tokko qofti akka dubbisuu hin ibsine yemmuu ibsu, “Reading is not different from all other common words in our language; it has a multiply of meanings and since the meaning of the word on any particular occasion will depend largely on the context in which it occurs, we shouldn’t expect a single definition for reading will be found” jedha.

Andu’alem Fiixee (2008:1) (Davis, 1955:25) waabeffachuun dubbisuu yemmuu ibsu, “Reading is multifacted process involving word recognition, comprehension, fluency and motivation.” Jedhu. Dubbisuun adeemsa kallattii hundumaan jechoota hubachuu sirrummaafi kaka’umsa of keessatti hammate. Dubbisuun qaamolee adda addaa ofkeessatti qabatee kan argamu; dubbisuun wanta barreeffamee jiru irratti hiika argachuudha. Kunis kan inni argamu, jecha barreeffame addaan baafachuun ta’a. Qaama yookiin mallattoo sanarraa waanta hubatamu argachuun adeemsa hubannoo jedhama.

Dandeettii dubbisani hubachuu, dubbisaan tokko waan barreeffame dubbisee hubachuuf beekumsa walii galaa waa'ee dubbisuurratti inni qabu murteessadha. Dubbisuun tooftaa barreessaan bifa barreeffamaan sammuu dubbisaa waliin haasa'uudha. Dubbisuun jechoota dubbisa tokko keessaa sagaleessuufi adeemsa waanbarreeffamaan jirutti hiika kennuudha.

Haata'u malee, ergaa baarreeffamaan dubbisaaf dhiyaatu kana akkaataa itti hubatan ykn dubbisan beekuun dandeettii dubbisuu cimaa ta'e qabaachuuf baayyee barbaachisaadha. Kana yemmuu jedhu adeemsa, tooftaa, tarsiimoo akkasumas kaayyoo dubbisni tokko dubbifamuuf adda baasani beekuun gahee qaba. Kana gochuuf immoo tooftaalee itti dubbisan beekuun barbaachisaadha. Yeroo dubbisan hiika jechootaa irratti osoo hintaane ergaa waliigalaaf dubbisuu qabu. Krashen, (2000: 139) hanguma dubbisa shaakalan ergaa dubbisaa tilmaamuu yaalu. Barruu dubbisuu qofa osoo hin taane, kan dubbisaniifi wantoota addunyaa qabatamaa keessa jiraniif dandeettii afaanii cimsachuu qabu.

Dandeettiin barsiisaa dubbisa keessatti qabu gahee guddaadha. Dandeettii dubbisuu barattootaa fiixaan baasuu keessatti barsiisaan mata duree mijaa'aafi gochaalee garaa garaa sadarkaa barachuu barattootaaa waliin deeman mijeessuu qaba. N. Namidi (2005: 7) "Depending activities for a reading program the teachers tasks believes to be important." jedha. Yaanni kun kan nama hubachiisu, ijoolleen dubbisaan walqabatee dalagaa barsiisaan kennuuf bu'a qabeessa ta'uusaati. Kana jechuun barruun barsiisaan dubbisiisu sun fedhii barattoota keessatti kan horu ta'uu qaba. Harmer (2001:84) itti dabaluuudhaan barsiisaan dubbisa keessatti gaheen isaa inni guddaan fedhiifi kaka'umsa barattootaaf mijatu, kan sadarkaa barnoota isaanii gitu filachuun dhiyeessuutiin ta'a. Kana malees daree barnootaa keessatti carraa dubbisuu barattootaaf uumuun dandeettii dubbisuu barattootaa dabaluuun ni danda'ama. Daree barnootaa keessatti dubbisuun kan shaakalamu callisaan dubbisuudhaani waan ta'eef dandeettii dubbisuu barattootaa dabalaa adeema jechuudha.

Nutall (1987) hiika dubbisuu akka ibsitetti, dubbisuun qubeewwaniifi jechoota sagaleessuu, jechoota adda baasuun hiika isaanii, akkasumas akkaataa itti hima ijaaran hubachuufi waan hubate sanaan walqabsiisee waan biraa hubachuudha..

Walumaagalatti, dubbisuun adeemsa walxaxaa hubachuuf barattootaafi barsiisota ofeeggannoo barbaachisu qofa otoo hintaane, ogummaa ogummaawwan biroo gonfachiisudha. Kanaafuu, kallattii ogummaan dubbisuu itti gonfatamu adda baasani fayyadamuun

barbaachisaadha.Kunimmoo barachuu barattootaa bu'aa qabeessa akka taasisu salphaatti hubachuun danda'ama.

Dubbisuun faayidaa guddaa kan qabu erga ta'ee, barattoonni kallattii dandeettii dubbisuu fooy'aafi ammayyaa'aa ta'een yoo barsiifaman, dubbisa dubbisan hubachuufi dabarsanii ibsuu akkasumas, muuxannoo duraan qaban irratti beekumsaafi hubannaa dabalachuu irra darbee, baruu barsiisuu isaanii milkeessuu keessatti gahee olaanaa taphata.Kanaaf, dandeettiin dubbisuu barattootaa xiyyeeffannoo guddaa argachuu qaba. Haaluma kanaan, qoratichis qorannoo isaatiin dandeettiin dubbisuu barattootaa maal akka fakkaatu qorannoon adda baasuuf kan yaale ta'a.

## **1.2 Ka'umsa Qorannichaa**

Milkaa'ina barumsa barataatiif dandeettii dubbisuu gaarii ta'e qabaachuun baayyee barbachisaa akka ta'e ifatti waan beekamu.Devine (1981) faayidaa dubbisuu akka ibsetti, Yeroo har'aa, addunyaan meeshaalee ammayyaa kan dhaggeeffachuufi ilaaluun waan fedhan hubachuun danda'amuun guuttus, barbaachisummaan dubbisuu ammallee dorgomaa hin qabu. Barattoota kutaa kudha-lammaffaa irra jiraniif maddi milkaa'ina isaanii kan hundaa'u dandeettii isaan dubbisuu irrattii qabaniini. Kitaaba barnotaafi yaadannoo isaani dubbisani hubachuu kan danda'an taanaan, barnoota baratanitti milkaa'uu danda'u jechuudha. Kana jechuun barattoonni gosa barnootaa hundatti milkaa'oo ta'uu kan danda'an dandeettii dubbisuu ga'aa ta'e yoo qabaatanidha yaada jedhutu hubatama. Barataan dandeettiin dubbisuu isaa laafaa ta'e, barnoota isaatti firii gaarii hin argamsiisu waan jedhudhas.Dandeettii dubbisuu qabaachuun bu'uura milkaainaati. Dhugaan isaa kana ta'ee osoo jiruu, dandeettiin dubbisuu barattoota Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa,keessattuu dandeettiin Afaan Oromoo dubbisuu barattoota kutaa kudha-lammaffaa hanga yoonaa qorannoon waanhinmirkanooofneef, qaaccessuun ga'ee qorannoo kanaati. Kunis kan yaadamuu danda'ame,qoratichiyeroo hedduuf kutaa kana barsiisaa waan tureefi madaalliin dandeettii dubbisuu barattootaasadarkaa barbaadamun gadi ta'ee waan hubateefi.Kanaaf,barattoota kutaa kudha-lammaffaa sadarkaa kanaarratti dandeettii dubbisuu isaanii adda baasanii beekuun rakkooleef furmaata barbaaaduun gulantaalee barnoota gara fuulduraaf dandeetti dubbisuu barbaachiisu kuufachuu akkadanda'aniif kutaa kana irratti qorannoo geggeessuun barbaachiisaa ta'e.Kanaaf, qorannoon kun dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa qaaccessuurratti xiyyeeffate.

Haaluma kanaan, qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kanneen armaan gadii deebisuuf kaayyeffate.

- ✓ Barattoonni barreeffama tokko yeroo kenname keessatti dubbisanii,gaaffii hubannoo deebisuu?
- ✓ Barreeffama dubbisanii hubachuuf beekumsa duraan qabanitti fayyadamuu?
- ✓ Barreeffama kenname dubbisanii hiika dhokataa (implied meaning) bira ga'uu?
- ✓ Dubbisanii hiika jechoota haaraa bakka galumsaarraa hubachuu danda'uu?
- ✓ Sagalee olkaasanii si'a,sirrummaafi ibsa eeganii dubbisuu danda'uu ?

### 1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa kutaa 12ffaa qaaccessuudha. Haaluma kanaan, kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- ✚ Barreeffama tokko yeroo kenname keessatti dubbisanii gaaffii hubannoo akka deebisan adda baasuu,
- ✚ Barreeffama dubbisanii hubachuuf beekumsa duraan qabanitti akka fayyadaman adda baasuu,
- ✚ Barreeffama kenname dubbisanii hiika dhokataa (implied meaning) akka bira ga'an adda baasuu,
- ✚ Dubbisanii hiika jechoota haaraa bakka galumsaarraa hubachuu akka danda'an adda baasuu,
- ✚ Sagalee olkaasanii si'a,sirrummaafi ibsa eeganii dubbisuu akka danda'an adda baasuudha.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun yoo gaggeeffame faayidaa armaan gadii nikenna.Barbaachisummaan qorannoo kanaa caalaatti barattoota Afaan Oromooa barataniifi barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif yoota'u, dubbisuun odeffannoo ammaayyaa dagaagfachuuf, beekumsa qabanitti beekumsa dabalachuuf, akkasumas meeshaalee teeknoolojii ammayyaatti faayyadamuufi milkaa'ina barnootaaf dubbisuun faayidaa ol'aanaa waaan qabuuf kanneen faayidaan dubbisuu qabu hubatanii dandeettii dubbisuu isaanii cimsachuu barbaadaniif bu'aa qaba. Akkasumas, qaama kitaaba barnoota Afaan Oromoo qopheessaniif deggersa yaadaa kan keennuuf

ta'a. Ittidabaluunis, namoota qorannoo kana fakkaatu gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ni ta'a jedhamee yaadama.

### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun kutaafi daree barnootaa hundarrattii osoo gaggeeffamee garii ta'a ture. Dabalataanis, ogummaa afaanii hundarratti otoo gaggeeffamee gaarii ture. Haata'u malee, kanagochuuf yeroo bal'aafi baasii guddaaf saaxiluu danda'a. Sababa kanaaf qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Horroo Guduruu Wallaaggaa, Aanaa Guduruu Mana Barumsa Qophaa'ina Komboshaa bara 2010 A.L.I baratanqofarratti kan daangeffamedha. Kunis dandeetti dubbisuu Afaan Oromoo barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> qaaccessuu irratti xiyyeeffate.

### **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qoratichi yemmuu qorannoo kana geggeessutti, rakkooleen isa mudatan keessaa: kitaabilee waabii gahaa dhabuu, hanqina bajataa, hanqina yeroo, haala gaha ta'een qorannoo dhimma kanarratti sadarkaa digirii jalqabaas ta'e, sadarkaa digirii lammaffaarratti gaggeeffame bakka hojii qorataatii dhabamuuudha. Kunimmoo, qorannoo haaraa gaggeessuuf rakkisaadha. Qoratichis, yeroosaa aarsaa gochuun mooraa Yuunivarsiitii adda addaatti deddeebi'uun rakkinicha fure. Rakkoon inni biroo, barruuleefi maddeen barruu qorannoo kanaaf gargaaran, baay'een isaanii Afaan Oromootiin waan hinarganneef, Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromooti hiikuudha.

Qorannoon kunis guutummaan guutuutti hanqina tokko malee dhiyaachuu dhisuu danda'a. Haa ta'u malee, qorataan rakkoole armaan oliitti tarreeffaman keessa darbuun qorannoon kun akka fiixaan bahu taasise.

### **1.7. Qindoomina Qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee dhiyaate. Boqonnaa 1<sup>ffaa</sup> keessatti Ariirrata, ka'uumsa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi haala qindoomina qorannichaa ibsutu dhiyaate. Boqonnaa 2<sup>ffaa</sup>n sakatta'a barruu yemmuu ta'u, ogummaa dubbisuu ilaalchisee, yaada beektonni afaanii kennaniifi ogbarruu firoominaa matadurichaan walitti dhiyeenya qabantu keessatti dhiyaate. Boqonnaa 3<sup>ffaa</sup>n mala qorannichaa kan ibsudha. Kutaa kana keessatti malli qorannoo, iddatteessuu, meeshaaleen funaansa odeeffannoofi malli qaaccessa odeeffannoo addeeffameera. Boqonnaa 4<sup>ffaa</sup> keessatti qaaccessiifi hiikni ragaalee yoo dhiyaatu, boqonnaan qorannichaa inni dhumaa, boqonnaa 5<sup>ffaa</sup> dha. Boqonnaa kana keessattis guduunfaafi yaboon (yaanni furmaataa) dhiyaate.

## **Boqonnaa Lama:Sakatta'a Barruu**

Boqonnaan kun sakkataa'a baruu dhimma mata duree qorannoo kana wajiin wal qabaatuu irraatti kan xiyyeeffatedha. Mataa duree ijoo ta'aan muraasa kan hayyoonni dubbisuu irratti jedhaan kan ofkeessatti hamate ta'ee, fakkeenyaaf hiika dubbisuu, faayidaa dubbiisuu, amaloota dubbisuufaa hammata.

### **2.1 Maalummaa Dubbisuu**

Akka haayyoonni jedhaanitti jecha dubbisuu jedhuuf hiika qeenxee ta'e keennuun rakkisadha. Jechicha karaa hedduun ibsan. Haa ta'uyyuu malee, hiikni isaan kennan eddoo itti wal fakkaatu qaba. Wallace (2003: 43) maalummaa dubbisuu haala kanaan ibsiti. "Reading is a complete cognitive process of decoding symbols in order to contract or drive meaning." jetti. Yaanni waraabbii kana keessaa kan nu hubachiisu, dubbisuun adeemsa yaada qalbiiguutuun mallattoolee barreeffamaan ijaaramanirraa hiika uumuu jechuudha. Haala kanaan dubbisuu yammuu ibsaan, dubbisuun yommuu namooni gara barruu barreeffamaan jiruu ilaaluun hiikaa kennaniifi ykn waan mallattoon jiruutti hiika itti godhaniin kan uumamu. Aebersold and Field (1997). Dubbisuun adeemsa baruufi barsiisuu keessaa karaa ittiin wanti barreeffamee jiru tokko itti hubatamu. Dubbisuun dandeettiiwwaan afaanii keessaa dandeettii baayyee barbaachiisaa ta'efi karaa ittiin barnoota adda addaaltee manatti ittiin barataniifi dandeetti afaan ofii ittiin cimsachuun danda'amu, adeemsa ittiin barreeffama tokko waantoota rakkisaa gochuu danda'an ittiin hubanee fooyyessaa adeemnudha.

Karaa biraa immoo, karaa itti jechi dubbiffame hiikni ergaa qabu kennamufii danda'u, akkaataa galumsa itti fayyadamummaa jechaa irratti hunda'u ta'a. Akka Smith (1978) ibsetti, dubbisuun hubannoo dubbisaan dubbisuun gonfaatu ykn qalbeeffatuun hikama. Kanaafuubarreessaan kun dubbisuu jecha tokkoon ibsuun waan hinsalphanneef maalummaan dubbisuu akkuma jiruutti ta'ee, dubbisuu keessatti wantoota hammataman irratti xiyyeeffannoo haa godhamuu jedha.

Dubbisuun gocha wanta barreeffamee tokkorraa hiika argachuudha. Akka Hudson (2007) hiika dubbisuu ibsetti, hiikni dubbisuu waan sadii waliin walqabata. Dubbisuun hiika kan bu'uureffatu, dubbisaa gaariin odeeffannoowwan barbaachisu kan irraa argatuufi dubbisuun, dubbisuu barachuufi barsiisuu waliin tokko akka hintaanedha.

William (1996: 2) "Reading as a process through which one looks at and understands a written

text.”Jedha.Kana malees dandeettiiwwan jiran keessaa dandeettii bu’uura jireenya guyyuu keessatti faayidaa akka qabuufi odeeffannoo argachuuf kan gargaaru ta’uu isa hubanna. Wallace,(2003) dubbisuun adeemsa barreeffamaa ilaalanii walii galuuti jetti.

Walumaagalatti, hiika garaa garaa armaan olitti ibsamerraa kaanee, dubbisuun adeemsa wanta barreeffame tokko irraa ergaa fudhannu yookaan hubannudha. Kana malees dandeettiiwwan jiran keessaa dandeettii bu’uura jireenya guyyuu keessatti faayidaa akka qabuufi odeeffannoo argachuuf kan gargaaru ta’uu hubanna.

## **2.2. Barbaachisummaa Dubbisuu**

Barbaachisummaan dubbisuun dhala namaatiif qabu yaada tokkoon ka’uun waansalphaa hinta’u.Barreessitoonni garaagaraa kallattii garaagaraan barbaachisummaa dubbisuu ibsuu yaalaniiru.Odeeffannoo ammaayyaa dagaagfachuuf, beekumsa qabanitti beekumsa dabalachuuf, akkasumas meeshaalee teeknoolojii ammayyaatti faayyadamuuf dubbisuun faayidaa ol’aanaa qaba.

M.F Patel and Praveen M. Jain.(2008:113) faayidaa dubbisuu yemmuu ibsan, ”Reading is an important activity in life with which one can update his/ her knowledge. Reading skill is an important tool for academic success.”jedhu.Barreeffama armaan oliirraa yaadni hubannu dandeettiin dubbisuu namoota hundumaaf warra beekumsa isaanii guddifachuu barbaadaniif fiixaan ba’insa barnootaaf meeshaa barbaachisaa ta’uu isa kan ibsudha. Itti dabaluuudhaan dandeettiin dubbisuu, dubbisuuf kan nama dandeessisu ta’uu isaa kan ibsudha.

Yaaduma oliin walqabatee Atkins et.al(1996) akka ibsanitti,kaayyoon dubbisuu,barattoonni ogummaa isaaniicimsachuufi kunuunsachuuf,dubbisuutti fayyadamuuf dubbisuu, dandeettii waliigalaa isaanii gabbisachuuf,hiika jechoota haaraafi seerluga gabbisachuuf,dandeettiiwwan dubbisuu tartiibaan gabbisachuuf kan gargaarudha.

Kanaaf,barattoonni dubbisuu,hubachuufi sadarkaa isaaniin barreessuu akka danda’an ibseera. Yaada armaan oliirraa akka hubannutti dubbisuun barattootaaf baay’ee barbaachisaa ta’uu isaati. Itti dabalees dandeettii isaanii guddiffachuuf karaa adda addaa jechuun, kallattii hundaanuu beekumsa akka argataniif kan gargaaru ta’uu isaati.

Kanaafis barattoonnii dubbisaa gaarii ta’uuf dandeettii saffisa itti dubbisan dagaagfachaa deemuun barbaachisaadha.Qorattoonni adda addaas namni tokko daqiiqaatti jechoota hammam



dubbisuu akka danda’u qoratani barreessaniiru. Saffisa dubbisuu barattootaa ilaalchisee Yue Mei Yun (1994: 180) yemmuu ibsu, “A skilled reader reads at around 250–300 words per minute and makes around 90 fixations per 100 words. ” Jedha. Yaanni armaan olii akka mul’isutti, namni ga’umsa qabu tokko giddu galeessaan, daqiiqaa tokko keessatti jechoota 250-300 dubbisuu akka danda’u ibseera.

### **2.3. Gulantaalee Dubbisuu**

Kaayyoo dubbisuu galmaan ga’uuf barattoonni ergaa barreeffama tokkoo akka hubatan taasisuuf maloota garaa garaa fayyadamuun bu’aa qabeessa ta’a. Tooftaalee (maloota) jiran hojiirraa oolchuufimmoo karaa salphaafilachuun gaariidha. Haaluma kanan barreessitoonni saddarkaalee dubbisuu bakka garaagaraatti qoodaniiru. Williams (1996:38) ”For effective reading in the classroom, the lesson should be divided into three consecutive phases. They are pre reading, while-reading and post-reading phases.” Jedha. Yaduma kana Nuttall (1982:152-164), Sadarkaalee dubbisuu bakka sadiitti qooduun barreesseera.

#### **2.3.1 Gulantaa Dubbisuun Duraa**

Sadarkaan kun dubbisuun osoo hin eegaliin raawwii (gocha) ta’udha. Yeroo kana barsiisaan barattoonni isaa dubbisuuf fedhii akka qabaataniif kaka’umsa keessa isaanitti uumee yaada isaanii gara waan dubbiffamuutti harkisudha. Kana malees, beekumsaafi muuxannoo duraan qaban gara dubbisichaatti akka fidaniif kan haala mijeeessudha. Williams (1996) akka ibsetti, Gulantaan dubbisuun duraa ,daree keessatti dubbisuuf bu’a qabeessa. Sababni isaas dubbisaan xiyyeeffannoon akka dubbisuufi akka irratti mari’atu taasisa. Kana malees barsiisaan muuxannoo yookaan odeeffannoo duraan qabutti akka fayyadamu taasisuun, yookaan barattoonni ofii mari’achuun dubbisichaaf kaka’umsa kan keessatti argatani.

Yaanni kunis, gochi dubbisa duraa baruu barsiisuu dubbisa keessatti baaay’ee barbaachisaa akka ta’edha. Sababni isaas qophii sammu barattootaa dadammaqsuun dubbisa dubbisuuf jiraniif odeeffannoo barsiisaarraa argachuufis ta’e walii isaanin waliin marii taasisaniin kaka’umsa kan argatanidha. Akka Nuttall (1982) akka ibsitetti, barattoonni dubbisatti otoo hinseeniin dura callisaan dubbisu, barsiisonnis dalagaa isaanii caalaatti akka bal’isaniifi adeemsa isaanii bu’a qabeessa taasisuuf callisatti fayyadamuun barbaachisa.

Qabxiilee armaan gadiis giddu-galeessachuu qabna: dubbisuuf sababa dhiyeessuu, seensa

dubbisichaa dhiyeessuu,dubbisicha dhiyeessuufi gaaffilee dubbisa boodaa gaafachuudha.”Kana jechuunis,Sadarkaa dubbisuu duraa keessatti osoo hin dubbisin dura, dubbisuun bu’aa qabeessa akka ta’uuf dursinee haala mijeessuun barbaachisaa ta’uu isaa kan nu hubachiisudha.

Walumaa galatti yaadni armaan olii kan ibsu sadarkaan dubbisa duraa,kanitti dubbisuudhaaf haala mijeessuun barattooni waanta dubbiffamu sanarratti fedhii akka godhatan taasisanidha.

### **2.3.2.Gulantaa Yeroo Dubbisaa**

Sadarkaa kana keessatti erga dubbisuudhaaf haalli mijaa'ee booda bakka barattooni guutummaan guututti qooda fudhataniidha.Nuttall (1982: 158). "The sort of guidance that can be provided while the reading Process is actually going on will be largely determined by the sort of class organization you prepare."Jetti.Sadarkaan kun sadarkaa hubannoo argamsiisuuf murteessaa ta'e dha. Sadarkaa kanatti wantoota godhaamu utuu dubbifnuu maal akka yaadnu barreessaa deemuu, yaada ijoo barreessaa addaan baasuu,Sababa barreessaan barreeffama sana barreessuuf kaka'e tilmaamaa deemu, barreeffamni sun dubbiftoota akkamiitiif akka barreeffame hubachuu yaaluu, ilaalcha barreessaan mata duree sanaaf qabu hubachuu, yaadni barreessaa akkamitti akka babal'ate ilaalaa dubbisuu.Yeroo dubbisuu keessatti xiyyeeffannaan dubbisuun akka barbaachisudha.

William (1991:5) sadarkaa dubbisuu kana akka armaan gadiitti ibseera.”Help the students understand the structure and context of the text and writer’s purpose.It may involve language work and it should try to give the learners relevant reasons for reading.”kana jechuun, barattooni sadarkaa dubbisuu kana keessatti caasaa, galumsa dubbisichaafi kaayyoo barreessaa nihubatu. Gaaffileef deebii akka kennan bakka itti gaafatamanidha.Barsiisaanis gaaffilee kennaman dhuunfaan yookaan gareen akka hojjetan gochuu nidanda’a.

### **2.3.3.Gulantaa Dubbisuun Boodaa**

Sadarkaan kuni immoo erga dubbisuun raawwatee booda hubannoo waliigalaa yerootti qabaannuudha.Nuttall (1982: 164)." When the detailed work is over, global understanding must be attended to and the text as whole evaluated and responded to" jedha. Yaanni armaan olii kun kan nuhubachiisu erga dubbisuun raawwatee booda hubannoo waliigalaa waa'ee wanta dubbifnee yerootti madaalluufi gaaffilee tokko tokkoof yeroo deebii itti laannu ta'uu isaati. Kana jechuun barattootni waanta dubbisan sana haala keessa jiraniin walqabsiisuun hubannoo argatu.

Sadarkaa kanatti barattootni qabiyyee wanta dubbifame sanaa irradeebiin yeroo itti ilaalanidha. Williams (1996: 39) "to consolidate or reflect what has been read to relate the text to the learners own knowledge, interest, experience or views." Jedha. Dabalataanis, sadarkaa itti barattoonni waan dubbisan beekumsa isaa cimisatanii gara muuxannoo ofii isaaniitti fidanidha. kanamalees, sadarkaa itti waan dubbisan deebi'anii jechoota, caaslugafi itti fayyadama afaanii qindaa'aa ta'e fayyadamuun deebisanii calaqqisiisanidha

Walumaagalatti barattootni waanta dubbisan sana haala keessa jiraniin walqabsiisuun hubannoo argatu, erga dubbisuun raawwatee booda hubannoo walii gala waa'ee wanta dubbisan yerootti madaalaniifi gaaffilee tokko tokkoof yeroo deebii itti laatan ta'uu isaafi sadarkaa baay'ee barbaachisaadha.

## **2.4. Tarsiimoolee Dubbisuu**

Tarsiimoon dubbisuu akkaataa sakatta'an dubbisuu, ariitiin dubbisuu, bal' inaan dubbisuu fi gadifageenyaan dubbisuu of keessatti yoo qabatu akka armaan gadiitti tokko tokkoon ibsamuuf yaalameera.

### **2.4.1. Sakatta'aan Dubbisuu**

Sakatta'aan dubbisuun barreeffama kenname (dubbifamu) keessatti ragaa murtaa'aa argachuuf tooftaa irra fiigichaan ittiin dubbifamu. Yaada kana barreessaan Atkins et.al (1996) "Scanning can also be used when we want to find out specific information related to what we are reading. . In this case we simply move our eyes very fast until we get the information we are looking for." Jedha. Kaayyoon dubbisuu kanaa dubbisaan barreeffamicha keessaa ragaa muraasa (murtaa'aa) tokko argachuuf saffisaan tooftaa ittiin dubbisudha. Miller (1977: 15) yoo ibsu, "Skanning is highly directed way of searching print for answers to specific questions the reader has formulated. But, most of these words will not be read. Only discarded the scanner reads the material that contain the answer." jedha. Akka yaada barreessaa armaan olii irraa hubannutti sakatta'an dubbisuun gocha hubannoo murtaa'aa yookaan irra keessa barreeffamichaa hubachuuf kan taasifamu ta'uu isaa nuhubachiisa. Odeeffannoo nuti argachuuf dubbisnus wantoota garaa garaa ta'uu danda'u. Kanaan walqabatee, Miller (1977: 15) akka armaan gadiin barreessaa jira. "Scanning is an essential aspect of any search for specific information. Use it in sources such as telephone, books, dictionaries or general reference sources. It also an essential aspect of the self

recreation study technique, which emphasis reading to seek answer to predicted questions.” jedha.

Akkayaada barreessaa kanatti sakatta’an dubbisuun odeeffanno muraasa argachuuf wantoota garaagaraa dubbisuu akka dandeenyu nuhubachiisa.Sakatta’aan dubbisuun barreeffama hunda dubbisuuf osoo hin dhama’in bakka yaadni barbaadamuu jiru dhaqanii keeyyata yookiin hima yaadicha baatu dubbisanii yaada barbaadame qayyabachuudha Grellet(1981)

#### **2.4.2. Ariitiin Dubbisuu**

Tooftaan dubbisuu kun immoo odeeffannoo waliigalaa argachuuf kan dubbifamuudha. Ariitiin dubbisuun ergaa barreeffamaa isa dimshaasha ta,e argachuuf tooftaa ittiin dubbifnudha. (Norma W.Biedenharn ,1975: 92).Artiitiin dubbisuu akka armaan gadiitti ibsa."Skimming is moving the eyes very rapidly over a page to find some specific bit of information or to get a general impression."Yaadoleen armaan oliitti ibsaman ariitiin dubbisuun,fuula barreeffamichaa irra ija oofuun (ari'uun) odeeffannoo xiqqoo yookaan ergaa bal’aa kan irraa argannu ta’uu hubanna.

William (1996: 96-97) “ The purpose of skimming is simply to see what a text is about.

The reader skims in order to satisfy a very general curiosity about the text, and not to find the answer to particular questions.”Jedha.Walumaagalatti ariitiin dubbisuun kaayyoo,waliigalaa barreeffamichaa argachuuf qofa tooftaa ittiin dubbisnuudha.Kanaafuu dubbisuun ija keenya barreeffamicharra ariitiin sochoosuun tooftaalee ittiin dubbisnu ta’uusaati.

#### **2.4.3. Bal’inaan Dubbisuu**

Bal’inaan dubbisuu kana jalatti fedhii irratti hundaa’uun wanta dubbifamu tokko jalqabaa hamma dhumaatti dubbisuu kan gaafatudha. Nuttall (1982,f. 27). "The general aim of extensive reading is to enable students to read without help unfamiliar authentic texts at appropriate speed silently and with adequate understanding.”jedha.Akka yaada armaan oliitti hubannutti bal’inaan dubbisuun kan barattoonni gargaarsa malee ofii isaaniitiin barreeffama kenname tokko dubbisuu akka danda'aniif kan raawwatamudha.Kan dubbiffamuuf kunis hubannoo gadifageenyaaf akka ta'e kan nu hubachiisudha.

Bal’inaan dubbisuun irra caalaan isaa kutaa alatti raawwatama.Grellet (1981)“extensive reading is reading longer texts usually for one’s own pleasure. This fluency activity involves global understanding.”Jedha. Kunis, barattoonni kaka’umsa mataa isaaniirraa ka’anii kan dubbisanii dha.

#### **2.4.4. Gadi Fageenyaan Dubbisuu**

Tooftaan dubbisuu kun odeeffannoo gadifageenyaan argachuuf hubannoo gahaafi saffisa murtaa'aa kan gaafatu yoo ta,u gaaffilee garaagaraa hojachuuf kan raawwatamuudha. Gadifageenyaan dubbisuu, Grellet (1981: 4) akka jedhutti, "Intensive reading is reading a shorter text to extract detail information."jedha. Akka yaada kanaatti, tooftaan kun barreeffama murtaa'e odeeffannoo barbaachisaa/cimaa ta'e irraa argachuuf kan dubbifamu.

Nuttall (1982: 23) yemmuu ibsiti, "The aim of intensive reading is to arrive at a profound and detailed understanding of a text: not only what it means, but also of how the meaning is produced." jetti.Yaada armaan olii irraa wanti hubannu kaayyoon gadifageenyaan dubbisuu ergaa barreeffamichaa hubachuu qofa osoo hin taane akkasumas ergaan barreeffamichaas akkamitti akka qindaa'es kan nuhubachiisudha.Gadifageenyaan dubbisuun hubachuudhaaf tooftaa dubbisuu kessatti nama fayyadudha. Yeroo baay'ee afaan barreeffamichi ittiin dhiyaate sanaan dandeettii qabaachuu kan gaafatuudha. Gadifageenyaan dubbisuun yeroo baay'ee barreeffama keessaa yaada muraasa tokko gadifageenyaan qaccessinee baasuuf yommuu dubbisnu kan nufayyadudha. Wanti nuti as irraa hubannu gadifageenyaan dubbisuun yaada murtaa'aa tokko gadifageenyaan dubbisuun ergaa isaa sirritti hubachuu akka ta'e namatti mul'isa.

#### **2.5. Amaloota Dubbisuu**

Amala dubbisuu yeroo jennuu gochaa dubbisaan raawwatuun kan wal qabatedha. Namni hunduu yeroo dubbisu amala adda addaa qaba. Amaloonni dubbisuu kunis gaarii yookaan yaraa ta'uu danda'a.

##### **2.5.1. Amala Dubbisuu Ga'umsa qabu ykn Ta'uumsee**

Amala dubbisuu gaariidha nuti jennu dubbisaan tokko saffisaan dubbisee ergaa dubbisa tokko sirritti akka hubatamu kan taasisuudha. Jecha hedduu altokkicha ilaalcha tokkon dubbisuu, Yaada barreessaa duukaa buunee waan dubbifnee bira dabarretti aanee yaada ka'u tilmaamaa dubbisuu, Mataa ofii asiif achi utuu hin raasiin ija qofaan dubbisuu, quba irra osoo hin oofiin dubbisuu fi Yeroo dheeraaf dubbisuu danda'uudha.Thompson(2001).Walumaagalatti yaadota armaan olii irraa wanti hubannu, amalli dubbisuu gaariin ariitiin dubbisuun ergaa barreeffama tokkoo hubbachuu akka ta'edha.Itti dabaluuudhaan dandeettii dubbisuu keenya cimsuudhaaf amaloota armaan olii kanatti fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e nu hubachiisa.

### **2.5.2. Amala Dubbisuu Alta’uumsee**

Amala dubbisuu gadhee warri tahan kanneen ergaa dubbisuu tokkoo sirriitti akka hin hubanneef gufuu ta'aniidha. Isaan kun warren dubbisuu keenya duubatti harkisaniifi hubannaa keenya irratti dhiibbaa gadhee fidanidha. Yeroo ofiif dubbisan qaamolee dubbii sochoosaa sagalee dhageessisaa dubbisuu, toora barreeffamaa qubaan agarsiisuu dubbisuufi amma amma duubatti deebi'aa dubbisuudha Thompson(2001 ).

Walumaagalatti, kanneen armaan olii kun kan nu hubachiisan amala dubbisuu gadhee warren dandeettii dubbisuu keenya dubbatti harkisan akka ta'e agarsiisu.

### **2.6.Sirrummaa Dubbisuu**

Hiika Sirrummaa dubbisuu beektonni karaa adda addaa ibsaniiru. Hiikni baay'ee isaaniis kan walfakkaatudha. Akka Jennifer Cotter,(2012) ,(Rasinski,2006) wbeeffachuun ibsetti, sirrummaan dubbisuu, dandeettii saffisaan dubbisuu, sirriin dubbisuufi ibsa sirriin dubbisuudha. Innis, dubbisa dubbisanii hubachuuf, ogummaa isa ijoo ta'uu ibseera. Kanamalees, ogummaa akka riqichaatti hubannaa dubbisaatti nama geessudha. Dubbisaa sirriinis, dubbisa keessatti tokko tokkoo jechaarratti xiyyeeffachuurra, qabiyyee dubbisichaarratti kan xiyyeeffatudha. Barattoonnis hanguma dubbisaa sirrii ta'an, sadarkaa olaanaarra yemmuu ga'an dandeettii dubbisanii hubachuu horatu. Akka Junifer (2012), (Marcell, 2011). wbeeffachuun ibsetti, barsiisonniifi barattoonni hiika sirrummaan dubbisuu isa siirrii saffisaan dubbisuu qofatti hubachuun yaada dgoggoraa qabatani jiru. Kunimmoo, dubbisa baruufi barsiisuurratti dhiibbaa fida. Hiika sirrummaa dubbisuu isa sirriis akka itti aanutti ibseera. Kana jechuunis, sirrummaan dubbisaa meeshaa hubannaa dubbisaa ta'uu hayyoonni barnootaa beekuu qabu. Yeroo dubbisaa, ariitii dubbisaarratti xiyyeeffachuun barbaachisaa miti. Galma ga'insi dubbisuu, waan dubbisamerraa hiikaafi hubannaa argachuu malee ariitiin dubbisuu akka hintaane ibseera. Kanaafis, qajeelfama sirrummaa dubbisaa gonfachuuf, daa'imman yookaan barattoonni tarsiimoolee adda addaa hordofuun bay'ee bu'aa qabeessa. Barattoonnis, hanguma sirrummaa dubbisuu shaakalan dubbistoota cimoo ta'uu akka danda'an ibseera.

Dabalataanis, hayyuu (Kuhn, 2010). wbeeffachuun hiika sirrummaa dubbisuu akka ibsetti, Sirrummaan dubbisuu atattamaafi seera sagaleessuun/afaaniin dubbisuu bisuufi hubannaa hordofuun kan walqabatudha. Inni kun immoo ijaarsa hiika dubbisaa cimsa. Kanamalees, yeroo dubbisa sagaleessuu jechoota sirriitti adda baasuun, bakka boqonnaa sirriitti boqochuun kan agarsiifamudha. Dandeettii jechoota sirriitti dubbisuu dubbisaa kan bakka bu'udha. Dabalataanis

dandeettii jechoota sirriitti dubbisuu dubbisaafi bu'ii ba'ii sagaleen kan walqabatudha. Innis, sagaleessuufi callisaan dubbisuu keessatti daangessuuf ykn deeggaruuf sababa ta'uu kan danda'dha. Ibsa kanarraa ka'uunnis, sirrummaan dubbisuu dadhabbi salphaan sirriitti dubbisuu kan ilaallatu ta'uu hubachuun danda'ama.

Walumaagalatti, seerri sagaleessanii dubbisuu dandeettii ibsa sirrii, jechoota sirriitti dubbisuu, yeroo kenname keessatti hanga jechoota dubbifamuu kan agarsiisudha. Kunimmoo hubannaa dubbisa waliigalaa waliin walitti dhufeenya qaba. Sirrummaan dubbisuu qaama dubbisuufi barreessuu isa ijoo ta'ee dubbisuu keessatti kan bu'aa buusu ta'uus ibseera.

Ibsa oliirraa, sirrummaan dubbisuu, dandeettii dubbisaan tokko jecha sirriin dubbisuu, jecha sirriinfi rakkoo malee dubbisuu danda'uu, dandeettii sirnatuqaaleefi akkaataa sirriin sagaleessuu waliin kan walqabatu ta'u hubanna.

## **2.7 Saffisa Dubbisuufi Hubannaa**

Hubannaan dubbisuu karaalee ijoo dandeettiin dubbisuu itti gonfatamu waanta'eef, barattoonni akkaataa barbaachisummaafi amala waandubbisamurratti hundaa'uun amala dubbisuu akka horataniif jajjabeeffamuu qabu. Ellis and Tomlinson (1980:140) akka ibsetti, hubannaan dubbisuu gosoota dubbisuu armaan gadiirratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamu.

### **2.7.1. Bashannanaaf dubbisuu.**

Namni hubannaaaf dubbisu xiyyeeffannoo guddaa otoo itti hinkenniin dubbisuu danda'a. Kan dubbisuu, kitaabilee sadarkaa isaa/isheen walhinmadaalle ta'uu danda'a.

### **2.7.2. Sirriitti Hubachuuf Dubbisuu**

Dubbisaan suuta kitaaba kan keessatti dubbisudha. Kandubbisan hubachuu kan keessatti ofgaafatanidha. Kitaabichas bakka barbaachisaa ta'e dubbisuun yaadannoo kan keessatti qabatanidha.

### **2.7.3. Odeeffannoo Argachuuf Dubbisuu**

Dubbisaan bakkatooftaa saffisaan dubbisuu itti horatudha. Kunimmoo dubbisa tokko saffisaan dubbisuuniifi waanbarbaadanirra yemmuu ga'animmoo suuta dubbisuun kan sirriitti hubatanidha. Walumaagalatti gosa dubkanarraa dubbisaan waandubbisuufi barbaachisummaa dubbisuurratti hundaa'uun saffisa dubbisuusaa kan itti jijjiirudha. Yaaduma armaan oliin walqabsiisuun Nuttal, (1982:34) akka armaan gadiitti ibsiteetti.

“The main characteristics of a good reader is his flexibility. He will vary his speed, and his whole manner of reading to the text and according to his purpose in reading it.” jetti. Kana jechuun, dubbisaan gaariin tokko kan ittiin beekamu keessaa haala dubbisicharra dhaabachuun jijjiiramuu danda’uusaati. Kunis, saffisa, amala dubbisuu waliigalaafi haala barbaachisummaa dubbisuu isaa irratti kan hundaa’udha. Haala dubbisuurratti hundaa’uun jijjiiramuu bu’a qabeessa waanta’eef, barattoonni saffisa dubbisuu isaanii akka cimsataniif jajjabeessamuu qabu.

Yaada kana ilaalchisuun Grellet, (1981:16) akka itti aanutti ibseera.” Students who read slowly will easily get discouraged. They will also tend to stumble on unfamiliar words and fail to grasp the general meaning of the passage. One of the most common ways of increasing reading speed is to give students passage to read and to ask them to time themselves.”

Akka ibsa oliitti, barattoonni garmalee suuta dubbisan, salphaatti abdi kutatu. Kanamalees, jechoota duraan hinbeeknerratti xiyyeeffachuun hiika yookaan dhaamsa waliigalaa dubbisichaa argachuu hindanda’an jechuudha. Saffisaan dubbisuu barattootaa kanneen cimsan keessaa tokko, dubbisa yeroon daangessuun akka dubbisan gochuudha. Itti dabaluunis, Yue Mei-Yun, (1994:180) akka ibsetti, dubbisarratti hundaa’uun jijjiiramuu, saffisa dubbisuu jijjiiruu akkasumas saffisa hubannaa jijjiiruu akka ta’e ibseera. Kanamalees namni barateefi afaan dhalootaa isaa akka waliigalaatti, barbaachisummaa, ulfatina waan dubbifamuufi seenduubee beekemsa isaa irratti hundaa’uun saffisa garaa garaa sadiin akka dubbisu ibseera.

Gosti saffisa dubbisuu inni jalqabaa, saffisa qo’annaa (daqiiqqatti jechoota 200 -300) kan dubbisamudha. Inni kunis, saffisa baayy’ee suta ta’ee, kitaabilee barnootaa fi galmeewwan seera dubbisuuf kan gargaarudha. Kanamalees, yerootti dubbisaan hubannaa olaanaa (hubanna %80-90) akasumas haala gaariin kan dubbisan itti yaadaanidha.

Gosti saffisa dubbisuu inni lammaffaan, saffisa dubbisuu giddu-galeessaa (daqiiqqatti jechoota 250-500) kan dubbisamudha. Kunis kanneen guyyaa guyyatti dubbifaman kan akka galaalcha yookaan gaazeexaa, barrulee, kitabilee seenaawwanifaati. Gosa saffisa kana keessatti sadarkaan hubannaa gadibu’aadha (yeroo hundaa naannoo %70) ti.

Gosti saffisa dubbisuu inni sadaffaan saffisa ariitii guddaa (Skimming speed) dha. Innis saffisa dubbisuu baayy’ee cimaa kan dubbattoonni afaan dhalootaa itti fayyadaman, ariitii dubbisa bal’aa kan itti haguuganif hubanna olaanaan kan ittiin hinargamneedha. Dubbattoonni afaan



dhalootaa daqiiqqatti jechoota 800 ol dubbisuu danda’u.Gosa saffisa dubbisuu kanaan hubannaan baayy’ee gadibu’aa (giddu-galeessaan %50) akka hubatan ibseera.Yaada gudunfaas akka armaan gadiitti kaa’eera.

“So we can see that,like the sides of coin,speed and comprehension are inseparable in efficient reading.An efficient reader can not only read slowly with good comprehension,but can also read fast with needed comprehension when circumstances required.”

Akka ibsa kanaatti,dubbisa bu’a qabeessa keessatti saffisniifi hubannaan akka fuulawwan saantimaa adda ba’uu kan hindandeenyedha.Dubbisaa sirriin suuta dubbisuun hubannaa gaarii kan argatu qofa osoo hintaane,saffisaan dubbisuunis hubannaa barbaachisu kan gonfatu ta’uu mul’isa.Yaada armaan oliin walqabsiisuun Nuttal (1982:33) walitti dhufeenya saffisa dubbisuufi hubannaa akka armaan gadiitti ibsiteetti.

“There is no doubt that reading speed and comprehension are closely linked.A very slow reader is likely to read with poor understanding,if only because his memory is taxed:the beginning of a paragraph or even a sentence may have been forgotten by the time he has struggled to the end.”

Kana jechuun,saffisni dubbisuufi hubannaan kan walitti hidhaman ta’uu shakkiin hinjiru.Dubbisaan saffisa baay’ee gadi bu’aan dubbisu,hubannaan isaa baay’ee laafaa ta’a.Haala kanaan kanaan yeroo dubbisu,yaadaan hima yookaan keeyyata jalqabaarratti qabamuu nidanda’a.Kunimmoo waandubbisu akka irraanfatu taasisa jechuudha.

Walumaagalatti dubbisaan,dubbisa tokko tokkoo jechaarratti xiyyeeffachuun kan dubbisu yoo ta’e,yaada ijoo dubbisichaa hubachuu irraanfata.Kanaafuu,barattoonni saffisa dubbisuu giddu-galeessaafi ariitii dubbisuu barbaachisu akka horatan yookaan fooyyeffataniif jajjabeeffamuu qabu.Kunis,barbaachisummaafi gosa waandubbisamuurratti hundaa’uun,dandeettii saffisa dubbisuu isaanii jijjiiruun kan raawwatu ta’a jechuudha.

## **2.8. Dubbisuf Haala Dhiyeenya Dubbisaaa**

Haalli dhiyeenya dubbisuu akkaataa armaan gadiin yoo ta’e bu’aa akka qabu, Johon Atkins et al.(1996) ibsaniiru.Dubbisuun dubbisuu qofaan waan baratamuufi,barattoonni kan fedhiisaaanii dubbisuu waan barbaadaniif nutis yeroo hundaa dubbisa hawwataa,dalagaalee cimaa garuu,furamuu kan danda’u waliin barattoonni akka hojjetan taasisuu qabna.Kanamalees,dubbisuun hojii sochii dhuunfaa waan ta’eef callisaan ta’uu qaba.

Callisaan dubbisuun dirqama jalqaba gaggeessamuu qaba. Itti fufuunis, barattoonni deebii gaaffilee yookaan dalagaalee dubbisaan walqabatee dhiyaatee hojjetan ibsuu yookaan irratti mari'achuu qabu. Inni kunis tarii jalqaba garee xixiqqaaniifi boodammoo barsiisaa waliin ta'uu danda'a. Innis, gaaffii barattootaaf dhiyeessuun dubbisicha akka haala gaariin hubatan taasisuudha. Garuu, callisaafi dubbisni dhuunfaa dubbisuu sirriitti baruuf faayidaa guddaa qaba.

Dubbisaa gaariin yemmuu dubbisu, hubachuuf ogummaawwan adda addaafi tarsiimoowwan dubbisichatti fida. Ga'een barsiisaas dalagaalee yookaan gaaffilee hawwataafi bu'a qabeessa gochuun, ogummaa kanneen akka ofii gabbifatan taasisuun gargaaruudha.

Kaayyoo keenyarratti hundaa'uun karaa adda addaa dubbisna. Barsiisaanis, barattootaaf carraa kennuun yookaan haala mijeessuun, saffisa dubbisuu adda addaan, kaayyoo adda addaan, akkasumas hanga hubannaa adda addaaf deeggaruu qaba. Jechi, himni yookaan gareen himootaa keeyyata keessatti tarii sadarkaa hiikaa baay'ee qabaachuu danda'u. Dubbistoonni bu'aa buusanis akkamitti akka itti fayyadaman nibaratu. Walumaagalatti, dubbisuuf haala dhiyeenya dubbisaa akka kallattii armaan gadiin ibsuun nidanda'ama. Barattoonni dubbisa fedhaniifi barbaadan giddu-galeessa godhachuu, callisaan dubbisuu, sagalee olkaasuun dubbisuu dhiisuufi dandeettii dubbisuu cimsuuf dalagaalee qopheessuudha.

## **2.9. Dandeettii Dubbisuu Barattoonni Sadarkaa 2ffaafi Olaanaa Gabbifachuu Qaban**

Akka John Atkins andet. al (1996) ibsanitti, Caaseffama jechootaa hima ijaaran hubatu. Kunis jechootaafi hiika kallattii isaanii adda baasuu kan ilaallatudha. Garuu, hiika jechootaa dubbisichaa hunda beekuun dirqama miti. Jechoota sababa irra deddeebiin hima keessaa hafan yookaan haqamanfi unka adda addaa qaban, garuu waanuma tokko bakka bu'an beekuunis barbaachisaadha. Ibsa jechoonni mul'isaniifi mallattooleetti hiika kennuudha. Fakkeenyaaf, jechoota akka xumurarratti, sunis, gabaabumattiifi kkf...dha. Sadarkaa keeyyataatti tartiiba himootaa hubachuun barattoonni keeyyata ijaarame keessatti tajaajila himaa akka adda baasatan isaan taasisa. Akka waliigalaattis, qajeelfamni ijaarsa keeyyataas, waliigalarraa gara murtaa'aatti, murtaa'aarraa gara waliigalaatti, rakkoorraa gara furmaataatti, ibsa irraa gara fakkeenyaatti, sababarraa gara bu'aatti yookaan bu'aarraa gara sababaatti kan ibsame ta'uu adda baasanii hubachuun barbaachisaadha.

Walitti dhufeenya kutaalee dubbisichaa gidduu jiru, himaafi keeyyata keessaafi gidduu jiru hubachuu irratti xiyyeeffachuu qabu. Kaayyoofi kutaalee dubbisichaa adda baasanii beekuu,

dubbisicha keessatti itti fufee kan dhufu tilmaamuufi jechoota hinbeekamneef yookaan qaama dubbisichaaf hiika kennuu danda'uun barbaachisaadha. Kanamalees, ibsa dabalataa keessaa yaada ijoo adda baasuufi yaada gudunfaa kennuu danda'uudha. Kutaaleen dubbisichaa muraasni hubatamuu baatus, yaada waliigalaa dubbisichaa hubachuu danda'uun, dandeettii dubbisa hubachuu keessaa isa ijoodha.

Odeeffannoo barreeffamarraa gara dubbiitti, chaartiitti, gabateettifikkf... itti jijjiiruu, hiika dhokataa adda baasanii beekuu, beekumsa ofii gara dubbisichaatti fiduun barreessichi dubbisaa kan hubachiisuuf yaada adda baasanii beekuudha. Yaada dhuunfaa keessaa yaada haqaa adda baasuu danda'uufi akka waliigalaatti qindoomina barreeffamichaa hubachuun murteessaadha.

Dubbisni walitti dhufeenya qaba. Isaanis: Caaseffama yaadaafi hidhata barreessaan isaan gidduutti uumeefi caaseffama tajaajila walitti dhufeenyaati. Dandeettii akkaataa dubbisni tokko qindaa'e yookaan odeeffannoon dubbisicha keessatti qindaa'e qabaachuun waan lamaaf dandeettii ijoodha. Inni jalqabaa barattoonni ergaa dubbisa waliigalaa akka hubatan kan taasisu yemmuu ta'u, inni lammaffan, waandubbifamurraa qabsiisa gaarii nama qabsiisuun isa bu'uuraati. Isaan kanneen hiikuuf barattoonni mata-duree, kaayyoofi dubbisaa giddugaleeffachuu qabu. Karaa biraa, akkaataa barreessichi waan dubbisamu filate, qindeessee, kaayyoofi dubbistoota isaarratti hundaa'uun walqabeenya yookaan walitti hidhinsa itti uume giddu-galeeffachuufi dhumarrattis dubbisicha madaaluu danda'uudha.

## **2.10. Barsiisaan Kan Raawwachuu Qabu**

Akka John Atkins and et. al (1996) ibsanitti, barsiisaan dubbisa barattoota isaaf yemmuu dhiyeessutti hubachuu akka danda'aniif qabxiiwwan ijoo ta'an keessaa muraasni akka armaan gadiitti ibsameera. Barsiisaan gaaffilee yemmuu dhiyeessu dandeettii isa kam akka shaakalsiisu mirkaneeffatee beekuu qaba. Barattoonni hiika jechoota haaraa akka tilmaamaniif jajjabeessuu qaba. Barattoonnis hiika jechoota haaraa ofiisaanii akkamitti akka argatan yoo barsiifaman, dandeettii jechoota haaraa barachuusaanii haala gaariin gabbifatu. Kanamalees, barattoonni dubbisicha keessatti jechoota hubachuu hindandeenye irra darbanii akka dubbisan barbaachisaadha. Yeroo baay'ee himni tokko jecha hinbeekamne tokko yookaan lama qabaatus, barattoonni hubachuu nidanda'u. Isaanis sadarkaa jechaatti otoo hintaane, sadarkaa himaafi keeyyataatti dubbisuu qabu. Barataan tokko karaa milkaa'ina qabuun jechoota beekamuu qaban 3000 beekuuf jechoota % 5 ta'an hiikasaanii beekuu dhiisuu akka danda'u Nation (1990) ibseera.

### **2.11. Barsiisaan Kan Raawwachu Hinqabne**

Dandeettii sagalee olkaasuun dubbisa dubbisu amaleeffachuu hinqabu. Akkasumas, barattoonni naannoo dareetti sagalee olkaasuun akka dubbisan taasisuu hinqabu. Inni kun kan raawwatu barnootni dubbisaa gara dhggeeffannaafi sagaleessuutti yemmuu jijjiiramu qofadha.

Itti dabaluuinis, akka saffisaan hindubbisneefi kallattiidhaan hiika jecha barreeffamee hubachuurra akka barattoonni barreeffamarraa gara dubbiitti, dubbiirraa gara hiikaatti jijjiiran taasisa. Kutaan itti sagalee olkaasuun dubbisan tarii jiraachuu danda'a. Garuu, dubbisuun sochii nama dhuunfaa waan ta'eef callisaan raawwachu qaba. Kanamalees, jechoota haaraa dubbisa keessaa hunda barsiisuun barnoota dubbisaa gara barnoota haaraatti jijjiiruu hinqabu. Jechoota dubbisichaa hubachuufi gaaffilee deebisuuf barbaachisan qofa barsiisuun barbaachisaa ta'a. Gaaffilee dhugaafi soba, gaaffilee banaafi filannoo qofarratti xiyyeeffachuun sirrii miti. Dalagaalee yookaan gaaffilee adda addaa kanneen odeeffannoo dabarsan, fakkeenyaaf kan akka fakkii kaasuu, giraafii hojjechuu, waldorgomsiiisuu, gabatee guutuufi kkf... fayyadamuu qaba.

Gaaffilee barattoonni otoo hinhubatiin salphaatti jechoota walitti firoomsuun deebisan gaafachuun barbachisaa miti. Fakkeenyaaf, "Caalaan sa'aatii 10:00tti Finfinnee ga'e." kan jedhuuf, eenyutu Finfinnee ga'e? Caalaan yoom Finfinnee ga'e? jennee yoo gaafanne, himicha garagalchuun yookaan sagalee olkaasuun dubbisuun deebisuu danda'u. Kunimmoo dubbisuu miti Deebii barattootaa odeeffannoo sirriin ijaarame sababa caaseffama sirrii hintaaneen fudhatama dhabsiisuu sirrii miti. Barattoonni deebii kennan hima guutuu qofaan akka ta'u dirqamsiisuu hinqabu. Waa'ee dubbisa dhiyaateen walqabatee dubbiin gabaabsanii yoo deebisanis fudhatama akka argatu gochuun barbaachisaadha.

### **2.12 Dubbistoonni Kan Raawwachu Qban**

Akka John Atkins and et. al (1996) ibsanitti, dubbistoonni haalaafi kaayyoo dubbisicharratti hundaa'uun qabxiiwwan ijoo gadiitti eeraman raawwachuun barbaachisaadha. Dubbisichi maal akka qabate yookaan kan itti aanee dhufu raaguufi kan dubbisan waan dura beekan waliin waldorgomsiiisuun barbaachisaadha. Hubannaa barbaachisu argachuuf akkaataa barbaachisuu xiyyeeffannoon nidubbisu. Akkasumas, odeeffannoo murtaa'aaf sakataan, Yaada waliigalaaf yookaan ijoo dubbisichaa hubachuuf saffisaan dubbisu. Dubbisa dhiyaateefis hiika mataasaanii itti kennu. Kanamalees, fuulcha adda addaa fayyadamuun hiika jechoota haaraa nitilmaamu. Kan

dubbisaniif sababa murtaa'aa kennuurra darbanii kaayyoo barreessaa hubachuuf yaalu. Dubbisicha hubachuuf kan akka qabiyyee, kasaa, mataduree kitaabaafi kkf...itti fayyadamu.

Hiika kallattiifi dhokataa adda baasuufi dubbisicharraa afaaniifi qabiyyee barachuu qabu. Qaama dubbisichaa muraasa hubachuu dadhabanis, dubbisicha hubachuun odeeffannoo baasuufi walitti dhufeenya kutaalee himaafi kutaalee dubbisichaa adda baasuu barbaachisaadha.

### **2.13. Hiika dhokataa**

Karaa hiikni jechaa kallattii yookiin masoo ittiin argamu keessaa isa tokko ta'ee yaadrimeen tokko hiika irra keessaaf osoo hintaane, hiika keessoo ykn dhokataa mul'isuuf gargaarudha. Fakkeenya: Saree---beeyladaa miila Afur qabdu gadhee, kajeeltuu, kan waan kennaniif nyaattu, kan waan jedhaniin baattu.

### **2.14. Hiika Galumsaa**

Jechoonni yeroo baay'ee kan barsiifaman akkaataa galumsa barreeffamaa yookiin dubbii keessattidha. Kunis akka barattoonni jecha sana muuxannoo yookiin beekumsa duraan qaban waliin walbira qabani ilaaluun hubatan isaan taasisa. Yaada kana hayyoonni Atkins and et.al (1996) akka ibsanitti, hiika jechoota haaraa karaa ifa ta'een galumsa dubbiifi barreeffamaan yoo dhiyeessanii shaakalsiisan bu'a qabeessa akka ta'u amanama. Inni kun immoo barattoonni jechoota haaraafi beekumsa duraan qaban walitti fiduun hiika jechoota haaraa karaa ifa ta'een hubachuuf gargaara.

Jechoota haala galumsaan barsiisuu keessatti barsiisonni caasaa walxaxaafi jecha haaraa dhabamsiisuu qabu. Sababni isaas jechoonni bakka galmaarratti hundaa'uun hiika adda addaa kennuu wan danda'aniifi hiikni jecha tokkoo dhaabbitti kana jedhanii murteessuun waan hindanda'amneef. Akka hayyoonni barnoota afaanii ibsanitti tooftaan hiika jechootaa, galumsa bu'uura godhachuun barsiisuun daran bu'a qabeessa akka ta'edha. Sababni isaas barattoonni hiika jechootaa haaraa kanaan dura arganii hinbeekne tokko ofii isaaniitiin akka galumsa dubbisaa irraa tilmaamuun baratan isaan gargaara. Akkasumas, jechi tokko galumsa adda addaa keessatti hiika garaa garaa qabaachuu akka danda'an tooftaa hubachiisuudha.

Atkins and et. al (1996:31) akka armaan gadii kanaan deeggaru.

“It is believed to be valuable to present and practice a new vocabulary item in a clear oral and written context. This helps the students to relate the new item to his/her prior knowledge in a memorable ways and thus helps to make its meaning clear” jedhu.

Fakkeenyaaf: Jechoota, “**kute**”, “**daake**” “**dhahe**” jedhan akka fakkeenyaatti hiika galumsaa isaanii hima keessatti jecha

waliin hiriirsuun hubachuu ni danda’ama.

a. Caalaan gara gamaatti **kute**.(**darbe/ce’e**)

b. Jabbiin finyoo **kute**.(**addaan qoode**)

c. Namichi bishaan **daake**. (**irra bololi’e**)

d. Konkolaatichi dhagaa **daake**.(**caccabse**)

e. Tolaan wayyaa dhahe. (**tolche**)

f. Qalbeessaan bullukkoo dhundhumaan **dhahe**.(**Safare**)

Walumaagalattii hiika jechootaa haaraa barsiisuu keessatti,galumsaatti dhimma bahuun barbaachisaa waan ta’eef, barsiisonniifi barattoonni itti dhimma ba’uun barbaachisaadha.

### **2.15.Dubbisuufi Jechoota Haaraa**

Dubbisaan waan fedhe yemmuu dubbisu,jechoonni haaraan faayidaa akka beekamaadha. Jechoonni haaraan hubannoon dubbisaa akka cimuu fi hawwataa akka ta’u taasisu.Kunis jechoonni haaraan dubbistootaaf baay’ee barbaachisaadha.Dubbistoonni hanqina jechoota haaraa qaban,dubbisuufi hubachuun isaanitti ulfaata.Hayyoonni baay’eenis, rakkoon dubbistootaa jechoota haaraan walqabatu yeroo yerootti dubbisuun furuu akka danda’an ibsameera. Dabalataanis,yeroo yerootti dubbisa adda addaa dubbisuun rakkoo hubannoo isaanii fooyyessachuu akka danda’an ibsaniiru.

Yaada kanaan walqabatee ( Smith 1978 :4) akka ibsetti,adeemsa dubbisuu keessa barattoonni dandeettii jechoota haaraa sirrii ta’e horatu.Jalqaba jecha haaraa dubbisa keessatti isaan mudateef mala dhaha kennu.Itti fufuunis,hiikni mala dhahaan kennan sirrii ta’uufi dhiisuu isaa mirkaneeffatu.Kanamalees,hiika jecha hinbeeknee galumsa irraa tilmaamu.

Yaaduma olitti ibsame Nutall ( 1982: 65) akka ibsitetti,akka waliigalaatti sagantaadhaan dubbisuun,dandeettii jechoota haaraafi dubbisuu fooyyeffachuuf baay’ee bu’aa qabeessadha.

Kanamalees, kuusaa jechootaafi meeshaalee dubbisaa baay'eetti fayyadamuun, dandeettii hiika jechoota haaraa jimsuun baay'ee faayidaa qabeessa akka ta'e ibsiteetti.

Barattoonni dandeettii hiika jechoota haaraa qaban, dandeettii dubbisuu gaarii akka qaban beekamaadha. Barreeffama yookaan dubbisa dubbisanii hubachuun jecha dubbisuu kan caaluudha. Kanaafuu, hubannaan dubbisuu caalaatti jechoota haaraafi dandeetti afaanii adda baasanii hiika kennuu waliin walqabata. Inni kunis, barattootaaf baay'ee barbaachisaa waan ta'eef dandeettii hubannaa dubbisuufi jechoota haaraa akka cimsatan gochuuf barsiisonni kallattii kanaan akka barsiisuu qaban (Cooper, 1999) ibseera. Kana jechuun, barattoonni dandeettii afaanii adda baasanii jechootaaf hiika kennuun dubbistoota gaarii akka ta'aniifi ogummaa hubannaa dubbisaa gaarii akka gonfachu danda'an ibseera. Barattoonni dandeettii akkasii yoodhaban, tarii jechootaaf hiika kennuu danda'u ta'a. Garuu, maalummaa dubbisichaa hubachuu dadhabuu qofa osoo hintaane, jechoota haaraafi ulfaataa hubachuu hindanda'an. Kunimmoo hiika dubbisa haaraa ulfaataa taasisa.

Dabalataanis, jechootaa beekumsi duraan dubbisaan qabu walitti dhufeenya waan qabuuf hubannaa dubbisaa cimsuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Yaaduma kanaan walqabsiisuun (Carrel and Eisterhold, 1983) akka ibsanitti, hubannaan dubbisuu bu'a qabeessi beekumsa duraan jiru walitti fiduu gaafata.

Walumaa galatti yaada armaan oliirraa dubbisanii hubachuuf beekumsa jechoota haaraa qabaachuun baay'ee barbaachisaadha. Kana gonfachuufimmoo adeemsa itti jechoota haaraa dubbisa keessaa ittiin hubatan gonfachuun barbaachisaadha.

## **2.16. Gaaffilee Dubbisa Waliin Walqabatan**

Gaaffileen dubbisa waliin walqabatanii dhiyaachuun dubbistoonni dubbisicha akka hubatan taasisan bakka sadiitti qoodamu. John Atkins et al. (1996)

### **2.16.1. Gaaffilee Dubbisa Duraa.**

Gaaffileen kunneen sadarkaa dubbisa duraa keessatti kanneen hojjetaman keessaa isa tokkodha.

Kutaa kana keessatti gaaffileen gaafatamanis, waa'ee matadurichaa ilaalchisee maal akka beekan kan gaafatudha. Kunis, beekumsa duraan mataduricharratti qaban gara dubbisichaatti akka fidan taasisa. Dabalataanis, dubbisichi waa'ee maalii akka ibsu yookaan haqa dubbisicharraa eegan akka tilmaaman kan gaafatudha. Gaaffileef deebiin kennan keessatti hammatamuufi dhiisuunsaa akkasumas sirrii ta'uufi dhiisuu isaammoo dubbisicha erga dubbisanii kan mirkaneeffatan ta'a.

### **2.16.2. Gaaffilee Yeroo Dubbisuu.**

Sadarkaa kana keessatti gaaffileen dhiyaatan: Gaaffii waliigalaa yookaan ijoo(gist) tokko yookaan lama ta'uu danda'a. Gaaffileen kunneenis hubannaa waliigalaa barbaachisummaa dubbisichaa kan gaafatanidha. Gaaffilee kana deebisuufis dubbisicha gadi fageenyaan hubachuun barbaachisaa miti. Barattoonnis, dubbisicha otoo hindubbisiin gaaffilee dhiyaatan dubbisanii hubachuu qabu. Itti fufuunis, callisaafi ariitiin dubbisuu isa jalqabaatti fayyadamuun dubbisuun gaaffilee dhiyaatan deebisu. Yemmuu dubbisanis, hiika tokko tokkoo jechoota dubbisicha keessatti argamanii hubachuun barbaachisaa miti. Barsiisaanis yeroo kennuun akka saffisa dubbisuu isaanii cimsatan gochuu nidanda'a.

Gaaffilee guutummaa yookaan keeyyata murtaa'erratti gadi fageenyaan dhiyaatu. Fakkeenyaaf, Gaaffilee unka guutuu, suuraa kaasuufi kkf... gaafatu dhiyaachuu danda'a. Gaaffileen hiika jechoota haaraa akka galumsa dubbisichaatti barattoonni akka deebisan gaafatus dhiyaachuu nidanda'a. Gara callisaan dubbisuu isa lammaffaatti otoo hindarbiinis, gaaffilee dhiyaatan dubbisuun hubachuu qabu. Itti fufuunis suutaafi callisaan dubbisuun gaaffilee hubannaa gadi fageenyaa yaada dubbisichaa gaafatu deebisu. Barsiisaanis, afaaniin gaaffii dabalataa gaafachuun hubannaa dubbisichaa akka fooyyeffatan taasisa. Kanamalees, barsiisaan dubbisicha keeyyata keeyyataan gaaffilee gadi fageenyaa dabalataa sarara tokko tokkoon yookaan lamaan, hiika kallattii yookaan hiika sararoota gidduutti, caaseffama jechootaafi jechoota haaraa gaafachuu danda'a. Grant (1987). fakkeenyaaf, hiika jechoota haaraa akka galumsa dubbisichaatti akka tilmaaman gaafachuu danda'a. Sadarkaa kana keessatti akkuma barsiisaan gaaffii baay'ee gaafatu, dandeettii baay'ee gaafata. Barattoonnis, gaaffilee gaafataman deebisuu yoo dadhaban, barsiisaan fuulcha kennuun akka kallattii deebichaa qabatan taasisuu nidanda'a.

### **2.16.3. Gaaffilee Dubbisa Boodaa.**

Sadarkaa kana keessatti, gaaffileen waliigalaa dubbisichaa kan itti gaafatamudha. Innis kanneen armaan gadii akka gonfatan taasisa.

- a. Hubannaa barattootaa dubbisa waliigalaa mirkaneessuuf.
- b. Dubbisicha akka madaalan jajjabeessuuf.
- c. Dubbisicha muuxannoo isaani waliin akka walitti fidan taasisuuf.
- d. Haala dubbisichaa keessatti akka of ilaalan taasisuuf gaaffilee dhiyaatanidha.



## 2.17.Gosa Qormaataa Dubbisa Waliin Walqabatan

Akka John Atkins et. al (1996) ibsetti dubbisa waliin walqabsiisuun qormaata gosa adda addaa qopheessuu dandeenya.Isaan keessaas kanneen ijoo ta'an kan akka tilmaamuu,raaguu,kan bakka bu'u hubachuufi kkf...ta'uu danda'u.Akkasumas sadarkaa hubannaa adda addaa fakkeenyaaf, naannoo sararaafi sarara barreeffamaa dubbisuun hubachuufaati.

Gosoonni gaaffilee dubbisaan walqabatanii gaafataman keessaa inni tokko gaaffii filannooti.Innis dandeettii hubannoo dubbisa barattootaa cimsuuf barbaachisaadha.Gosa gaaffii akkasii qopheessuu keessatti garuu,filannoowwan afur keessaa tokko deebii sirrii kan ta'e qopheessuun rakkisaadha.Dabalataanis garmalee salphaa ykn garmalee ulfaataa ta'uu waan danda'uuf, xiyyeeffannoo itti kennuun qopheessuun barbaachisa.

Gama biraanis jechoota dubbisicha keessatti argamu kallattumaan otoo hinjijjiiriin kan walitti firoomu gaafachuun barbaachisaa miti.Sababni isaas barattoonni dubbisicha otoo hinhubatiin deebisuu waandanda'niifi.

Flannoowwan dubbisaan walqabsiisnee qopheessinus walqixa dheerachuu qabu.Filannoowwan dhiyaatan keessaa kan deebii sirrii qabate yoo dheerate, barattoonni fuulcha argachuun dubbisicha otoo hinhubatiin isuma filachuu danda'u.

Dubbisa tokko keessattis gaaffilee filannoo baay'ee gaafachiinis barbaachisaa akka hintaane ibsu.Sababni isaas gaaffilee adda addaa qopheessuun hubannoon adda addaa karaa adda addaa akka argamu gachuun barbaachisaadha.

Gosti gaaffiin dubbisa waliin walqabatee itti qophaa'u inni biraan gaaffilee dhugaa ykn sobaati. Inni kunis qoramaan tokko dubbisa dubbisee hubachuufi dhiisuu isaa mirkaneessuuf kan gargaarudha.Gosa gaaffii kana qopheessuuf kanneen biro irra kan salphatuufi ariitiin soroorsuufi qabxeessuuf mijataadha.Dadhabbinni isaa garuu,barataan gaafficha wallaalus tilmaamaan deebisuuf carraa bal'aa akka qabudha.

Dubbisaan walqabatee gosti gaaffilee qophaa'uu danda'u kanbiraan,gaaffilee banaadha.Gosa gaaffii akkasii qopheessuuf kan salphatu ta'us,soroorsanii qabxeessuuf ulfaataadha.Ta'us ulaagaa ittiin soroorsan ofeeggannoon baasuun yoo soroorsame,dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuu kan danda'u ta'uu hayyuulee olitti eeramanii ibsameera.

Jecha yookaan hima gudunfuun gaaffilee dubbisaan walqabatee dhiyaachuu danda'an keessaa isa biroota. Innis barattooni dubbisa tokko, dubbisanii akka hubatan mirkaneessachuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Gosti qormaataa dubbisni itti dhiyaatu kun jecha gudunfuutti kaasee hanga hima gudunfuutti socho'uu kan danda'udha. Yeroo baay'ee himni goolabamu, gaaffilee banaa ta'an deebisuuf kan gargaarudha. Barattooni hanguma jechoota baay'een hima gudunfan, deebiin isaanii caalaatti qabatamaa ta'uu dhiisuufi soroorsuuf yookaan qabxeessuuf kan ulfaachaa deemu ta'a.

Dubbisaan walqabatee gosti gaaffileen ittiin gaafatamu keessaa kan biraan kan odeeffannoo dabarsudha. Innis odeeffannoo dubbisichaa karaa adda addaafi unka adda addaan galmeeffachuu kan ilaallatudha. Fakkeenyaaf, dubbisicha bifa cuunfaan kaa'uu, yeroo tokko tokko gabateen, maappiin dubbisicha dhiyeessuudha. Gosti gaaffiin dubbisaa ittiin gaafatamu kun ergaa ijoo dubbisichaa dhiyeessuu waan danda'uuf barattooni qaama dubbisichaa hunda hubachuu dhiisuu danda'a.

Dubbisaan walqabatee qormaanni bakka duwwaa guutuus gaafatamuu nidanda'a. Jechi hima keessaa haqamus, kan filatamee haqamu miti. Yeroo hundaas, bakka duwwaa afurtam yookaan shantama qabu keessaa jecha jahaffaa yookaan toorbaffaa haquun yookaan hambisuun akka guutan qoruun barbaachisaadha.

Gosaqormaataa kana keessattis, qoramtoonni waan lama hubatu. Inni jalqabaa, jecha bakka duwwaa guutuu danda'u itti yaaduun guutu. Inni lammaffaan immoo, erga guutanii yaada dubbisichaa sirriitti hubatu.

Gosti qormaataa gaaffiin ittiin gaafatamu kun dandeettii dubbisuu waliigalaa barattootaa safaruuf baay'ee barbaachisaadha. As keessatti hima jalqabaa yookaan himoota lamaan jalqabaa irratti bakka duwwaa akka guutan gochuun barbaachisaa miti. Sababni isaas, barattoonni waa'ee mata durichaa yookaan dubbisicharratti barattooni jalqaba yaada ka'umsaa yookaan fuulcha argachuun isaan barbaachisa.

Karaa biraa immoo, bakka duwwaa guuchisuun dubbisaan walqabsiisnee barattoota yemmuu qorru, dubbisni kennamu, hanga tokko barattooni barreeffama duraan dubbisanii hubatanii gaditti salphachuun barbaachisaadha. Deebii gaaffilee barattootaa soroorsuufi qabxeessuufis, jalqaba jechoota dubbisicha keessaa haqamanii ba'an lakkaa'uun soroorsuun barbaachisaadha.

Jechoota haaraa dubbisaan walqabsiisuunis dubbisa qoruu danda'ama. Innis yeroo baay'ee dandeettii dubbisuu barattoota cimsuun beekamaadha. Sababni isaas, barattooni hiika jechaa qofa kan cimsatan otoo hintaane, jechoota waliin deemanis beekuun barbaachisaadha. Daree keessattis dubbisaan walqabsiisuun qormaata jechoota haaraa barattootaaf dhyeessuunis barbaachisaadha. Hiika jechoota haaraa bifa filannootiin qoruu, barattooni waa'ee dubbisichaa hubannoo akka argatan taasisuurra darbee beekumsa jechoota akka gonfatan taasisa. Qorumsi gosa akkasii yemmuu qophaa'an, filannoo deebii sirrii tokkoofi dogoggora sadii qopheessuun ulfaachuu waandanda'uuf, qormaata dareef gaaffii filannoo hiika jechoota haaraaf filannoo sadii qopheessuun filatamaa akka ta'e ibsaniiru.

Hiika jechoota haaraa akka walitti firoomsan gochuunis qoruu danda'ma. Yemmuu gaaffilee gosa akkasii qopheessinus, jechoonni bifa gaaffiin dhiyaatan kan walfakkaatan ta'uu qabu. Yemmuu barreeffamanii qormaataaf dhiyatanis, tartiiba qubeetiin dhyaachuun barbaachisaadha. Kanneen filannoof dhiyaatanis, dheerinaan walqixa yookaan walitti dhiyaachuu akka qabu Brown (2000) ibseera.

Walumaagalatti, gosti qormaataa dubbisaan walqabatee barattoota ittiin qorru, inni tokko isa tokkoo oli ykn isa tokkoo gadi jechuun sirrii miti. Hundi isaaniyyuu bakka barbaachisoo ta'anitti bu'aa buusuu nidanda'u.

## **2.18. Dandeettii Dubbisuu Barattoota Irratti Wantoota Dhiibbaa Geessisan**

Barattoonibarreeffama yemmuu dubbisan sababoonni adda addaa kanneen dubbisuu barattoota irratti dhiibbaa geessisan nimul'atu. Isaan keessaa kanneen ijoo ta'an armaan gaditti ibsamaniiru.

Dandeettiin dubbisuu barattoota laafaa akka ta'uuf sababni inni tokko, dubbisuuf fedhii dhabuu barattootaati. Barattoota baay'eef dubbisuun dalagaa nuffisiisaadha. Kanamalees, akka dandeettii afaanii kan biroo irraa adda ba'uu danda'uufi isaan dandeetticha gonfachuun hindandeenyeetti fudhatu. (Green Wood, 1998) fi (Dechant, 1982) haaluma walfakkaatuun akka ibsanitti, barattooni dandeettii dubbisuu gonfachuuf, kaka'umsi murteessaa akka ta'eefi fedhii yoo dhaban dandeettiin dubbisuu isaanii laafaa akka ta'u ibsaniiru.

Dandeettii dubbisuu barattoota laafaa kan taasisankeessaa inni ijoon hanqina beekumsa hiika jechoota haaraati. Barattooni tokko tokko hima keessatti jechoonni haaraan isaan mudatee isaan gufachiisuun dubbisuuf fedhii akka hingodhanne isaan taasisa. Kunimmoo dandeettii dubbisuu

isaanii daangessuurra darbee dandeettii afaan barachuu isaanii baay'ee dadhabsiisa. Yaada kana deeggaruun (Breen, 1975) akka ibsetti, beekumsa hiika jechoota haaraa muraasa qabaachuun, of danda'anii dubbisuu dadhabuunfi waandubbisaaf barbaachisu guuttachuu dhabuun sababoota dubbisuurratti ga'umsa dhabuu barattootaa akka ta'an ibseera.

Dheerachuufi walxaxaa ta'uun himootaas dandeettii dubbisuu barattootaa baay'eerratti gufuu ta'uu kanneen danda'anidha. Isaanis walitti dhufeenya mathimaa gochimaa hubachuu hindanda'n. Kanaan walqabatees, dandeettii dubbisuu isaaniirratti rakkoo cimaatu uumama.

Dubbisa keessatti jechoonni hiika baay'ee qabanis, dubbisa keessatti deddeebi'anii yoo mul'atan, barattoonni dubbisuutti laafoo ta'an hiika sirrii hubachuu hindanda'n. Kunimmoo rakkoo dabalataa irratti uumuun akka isaan dubbisuu nuffan taasisa. Yeroo tokko tokkos hiika tokkollee otoo hinhubatiin hafu. Sababa kanaanis, dubbisarratti yookaan dandeettii isaaniirratti ilaalcha gadhee horachuun hanga dubbisuu dhiisuutti ga'uu danda'u.

Dandeettii dubbisuu barattootaa irratti dhiibaa kanfiduu danda'u kan biraan, hiika jechamaa, malleen dubbii, gaalee, hima yookaan dubbisicha waliigalaati. Dubbisni baay'een jechamootaafi dubbiiwwan qoolaa ofkeessatti hammachuun dubbistoota laafootti hojii dabalataa uuma.

Barattoonni baay'een dubbisa keessatti garaagarummaa hiika irra keessaafi dhokataa adda baasanii hinbeekan. Yeroo hundaas sababa hiika jechaa yookaan dubbisaa irra keessaa irratti waan hundaa'aniif, hiika waliigalaa dubbisichaa hubachuu hindanda'an.

Dubbisa keessatti jechoonni dhmjechoota horteeffii uumamtee ofirraa qaban yoo isaan mudatanis, dubbisicha hubachuurratti dadhabbinni isaan mudachuu mudachuu dana'a.

Dandeettii dubbisuu lafaa qabaachuu barattootaaf sababa kan ta'e kan biraan, tasgabbiin dubbisuu dubbisuu dhabuu barattootaati. Akka (Shaw, 1959) ibsetti, hubannaan dubbisuu bu'aa tasgabbiin dubbisuuti.

Barattoonni baay'een garuu, sirriitti tasgabba'uun hindubbisan. Inni kun kan akka uumamu kan taasise keessaa shaakala gochuu dhiisuu barattootaati. Innis akka isaan dadhaban, fedhii dhabaniifi dabalataan akka hindubbisne isaan taasisa.

Inni kan biraan, sochii daree sirrii hintaane irraa kan barattootatti dhufudha. Daree keessatti carraa dubbisuu argachuun barattootaa kan xiqqaatu yoo ta'e, yookaan of danda'anii kan hindubbisne yoo ta'e dandeettiin dubbisuu isaanii lafaa ta'uu danda'a.

Karaa biraas,dhaabbatawwn yookaan sadarkaa lammaffaa keessatti,adeemsi dubbisuu barattootaa daree keessatti isa baramaa yookaan isa boodatti haffaa ta'uun dandeettii dubbisuu isaaniirratti dhiibbaa kan fidudha.

Mala boodatti haffaa keessatti dubbisaan walqabatee,barattoonni gaaffilee duurse qophaa'e gaafatamu.Deebii kan barreessanis,dubbisicha hubachuun otoo hintaane,sammuudhuma isaanii keessaa yaadachuunidha.Gara daree barnootaatti otoo hindhuufinis,deebii deebisan akka yaadataniif qabsiisa isaaniirraa nidubbisu.Barattoonnis dubbisa otoo hinhubatiin deebii qophaa'e deebisuun qormaata darbuu danda'u.Inni kunimmoo barattoonni dubbisicha akka jibban taasisuu irra darbee dandeettiin dubbisuu isaanii akka baay'ee dadhabaa ta'u taasisa.Garaagarummaan aadaa barreessaafi dubbisaas dandeettii dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'a. Innis,barreessaafi dubbisaan aadaa walirraa qooddatan yoo hinqabaanne, dubbisichi dubbisaatti ulfaachuu danda'a.

Nuttal (1996: 35) sababoota dandeettii dubbisuu irratti dhiibbaa fidan keessaa akka ibsiteetti, dubbisicharraa dhiibbaa gadhee eeguu,dalagaaleehinmijanne,adeemsa dubbisuu dogoggora ta'e,deemuun dura fiiguun akka danda'amutti fudhachuu, dubbisni dhiyaatu dogoggoa ta'uufi kkf...ibsiteetti.

(Dechant, 1982) akka ibsetti, akkuma dubbistoonni saffisa sadarkaa barbaadamuun olitti qaban, kanneen sadrkaa barbaadamuun gaditti qabanis akka jiran ibseera.Isaan lamaan isaaniyyuu dubbisanii hubachuu irratti dhiibbaan irra jira.Kana jechuun dubbisa hubachuuf inni saffisa hinbarbaachisne qabus inni saffisa barbaadamuu gaditti qabus bu'aa akka hinbuusne ibseera.

Walumaagalatti Nutall (1996) akka ibsiteetti,rakkoolee dandeettii dubbisuu barattootaa keessatti barsiisaan qooda goddaa akka qabudha.Barsiisonni dhaabbata barnootaa adda addaa keessatti yeroo ammallee mala baramaa ta'een barsiisaa kan jiraniifi barttoonnis gama isaaniitiin deebii isaanii dubbisa otoo hinhubatiin sammuu isaanii keessaa yaadachuun kan deebisan ta'uu ibsiteetti.

## **2.19. Sakatta'a Barruu Walfakkii**

Mataduree qorannoo kanaa waliin walfakkii kan ta'an qorannoowwan garaagaraas sakatta'amanii jiru. Isaan keessaa muraasni isaanii akka armaan gadiin dhiyaatanii jiru.

Qorataan Andu'alem(2016),mataduree “Sakatta’a Raawwii Adeemsa Baruu Barsiisuu Dandeettii Dubbisuu Afaan Oromoo” jedha.Kaayyoon isaa adeemsa baruufi barsiisuu dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo keessatti raawwii isaa adda baasuu kan jedhurrattixiyyeeffata.Kaayyoon qorannoo kanaa garuu dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan qaaccessuudha.

Dandeettii dubbisuu barattootaan walqabatee qorachuurratti walfakkaatu.Akkasumas,qorannoon isaa Mana Barumsaa Fincaa’aa sad.<sup>2ffaa</sup>Aanaa Abbay Coommanitti kan gaggeeffame yoo ta’u,qorannoon kun garuu kan gaggeeffame Mana Barumsaa Qphaa’ina Komboshaa Aanaa Guduruutti.

Hanqinni qorannoo isaa baruufi barsiisuu keessatti dandeettiin dubbisuu akkamiin akka raawwatu irratti xiyyeeffate malee dandeettiin dubbisuu barattootaa sadarkaa irra jiru adda baasuun wantoota furmaata ta’uu danda’an ibsuu dhiisuusaati.Kanaaf,sababni qorannoon kun akka gaggeeffamu ta’eefis, sadarkaa dandeettiin dubbisuu barattootaa irratti argamu adda baasuun furmaata isaa irratti hojjechuufidha.

Qorannoon biraa,Obsa Name (2016) mataduree “An investgation on the way of teaching and learning reading skills in English in some selected sections of grade 9 Kombolcha Secondary School “ kan jedhudha.Kaayyooon isaas baruufi barsiisuu keessatti akkaataa itti dandeettiin dubbisuu gaggeeffamaa jiru adda baasuurratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha.Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon garuu,dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan qaaccessuudha.Dandeettii dubbisuu qorachuurratti walfakkaatu.Qorannoon isaaa Mana Barumsaa Kombolchaa sad.<sup>2ffaa</sup> irratti kan gaggeeffamedhe yoo ta’u,Qorannoon kun immoo Mana Barumsaa Qophaa’ina Komboshaa irratti kan gaggeeffamudha.

Gama biraan, hanqinni qorannoo isaa baruufi barsiisuu keessatti sadarkaa dandeettii dubbisuu barattootaa adda baasuu caaalaa akaa itti hojiirra oolurratti xiyyeeffate.Kanaaf qorannoon kunsababiin akka gaggeeffamu ta’eefis sadarkaa dandeettii dubbisuu barattootaa irratti xiyyeeffaachuun waanhojjetuufidha.

Walumaagalatti qorannoon kunqorannoowwan olitti tarreeffaman wajjin walitti dhufeenya haaqabaatuyyuu malee, garaagarummaas niqabu.Qorannoowwan kunneenis hanqina mataasaanii niqabu.Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa, hanqinaalee qorannoo walfakkii keessatti mul’atan guutuudhaaf kan qorannoo mataduree kana irratti gaggeessuuf filate ta’uu mirkanessa.



## **Boqonnaa Sadii:Saxaxaafi Malleen Qorannichaa**

Mata duree kana jalatti,saxaxa qorannichaa,madda odeeffannoo,mala iddattoofi filannoo iddattoowwanii,meeshaalee funaansa odeeffannoo,adeemsa ragaa walitti qabuufi mala qaaccessa odeeffannootu dhiyaate.

### **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Saxaxni qorannoo kanaa ibsa ammamtaafi akkamtaati. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaan kaa'uun ibsuun waan barbaachisuufidha. Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi xinxaluun bu'aa qaba. Kun immoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkoolee mul'atan gadi-fageenyaan akka hubataniif gargaara (Creswell, 2009)

### **3.2.Mala Qorannichaa**

Malleen qorannoo yemmuu jennu,qorannichi gosoota qorannoo keessaa isa kaamiin akka qophaa'e,mala qorannoo kamiin akka ijaarame,mala iddattoo kamtu hojiirra akka oole,gaaffilee akkamiin odeeffannoon akka funaaname,odeeffannoon funaaname mala kamiin akka ibsameefi malleen kunneen maaliif akka filataman kan keessatti ibsamudha (Dastaa,2000:81)

Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii dubbisuu barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> qaaccessuudha.Kana gochuuf immoo, qorataan gosa qorannoo makaa (akkamtaafi ammamtaa) fayyadamee jira.

Yaada kanarraa wanti hubannu, malli kun gadi fageenyaan xiinxaluudhaaf humna akka godhatu taasisuun qorannicha qabatamaa taasisuurratti haala kan mijeessu ta'uu isaati. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti, akkuma odeeffannoon argameen duraaf duubatti deemuun xinxaluun nidanda'ama.Odeeffannoon akkamtaan argame kunis, jecha irratti hundaa'uun mala addeessaatiin yookiin ibsaatiin kan dhiyaatu ta'a.Kanaafuu,jechoonniifi akkaataan sirriitti itti fayyadamuu, dhimmi sun waan barbaadameef hojiirra oolchuurratti gahee guddaa taphata.

Qorannoon ammamtaa immoo, lakkoofsatti fayyadamuun “ammami?”kan jedhu wantoota lakkoofsaan ibsuudha. Akaakuuwwan qorannoo kanaa odeeffannoo funnaanuufis ta'eqaaccessuuf haala inni lakkoofsaan ibsuu danda'uun dhiyeessuu jechuudha. Lakkoofsichiimmoo, gabatee dhibbantaa, taatota yookiin giraafii irratti hundaa'uun kan ibsamudha. Kaayyoon guddaan qorannoo ammamtaa, ammamii walitti dhufeenya jijjiiramootaa kan murteessudha. Saxaxni qorannoo kanaas, ibsarratti hundaa'a.Ibsi taasifamus, walitti



dhufeenya jijjiiramoota gidduu jiru addaan baasuurratti xiyyeeffata. Akaakuuwwan qorannoo kanaan olii addaan baafachuun, akkaataan odeeffannoon itti funaanamuufi gosa odeeffannoo funaanamu mararratti hubannoo cimsa. Sababni isaas qorannoo tokko keessatti gargaaramuun hundarra gumaacha guddaa waan qabuuf, milkaa'ina, amanamummaa,qabatamummaaficimina qorannootiif utubaadha.

Qorannoon kunis, qaaccessa dandeettii dubbisuu barattoota irratti xiyyeeffachuun, odeeffannoo bargaaffii,qormaataanfunaanaman, lakkoofsaafi dhibetaan taa'anii, akkamtaan immoo kan xiinxalaman yoo ta'u, kanneen afgaaffiifi daawwannaan funaanaman immoo, akkamtaadhaan xiinxalamaniiru. Walumaagalatti, odeeffannoon kallattii adda addaatiin funaanamee xiinxalamu, ragaaleefi tooftalee walitti fiduun, dhimma cimaa tokko keessaa baasuuf haala mijeessa.Kanaafis, qorannoon makaan isa tokkorra bu'a qabeessa. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, qaaccessa dandeettii dubbisuu barattoota irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, qorataan mala kanatti dhimma ba'ee jira.

### **3.3. Madda Odeeffannoo**

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa tokkoffaan barattoota yemmuu ta'an, barsiisonni Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa Afaan Oromoo barsiisan immoo madda odeeffannoo lammaffaa ta'uun qorannichaaf odeeffannoo kennaniiru.

### **3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu**

Madda odeeffannoo filachuuf qoratichi mala iddattoo fayyadame.Dabalataanis, odeeffannoo gahaafi barbaachisaa ta'e argachuuf qoratichi, barattootafi barsiisota akka madda odeeffannooti fayyadame.Isaaniinis, mala iddattootiin filate.Kanamalees, manneen barnoota Godina Horroo Guduruu Wallaggaa, Magaalaa Komboshaa keessa jiran hunda waliin gahuun qorachuun gaarii ta'a ture. Haata'umalee, baasii guddaafi yeroo baay'ee bal'aa waan fudhatuuf Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> qofa irratti xiyyeeffachuun, qaaccessa dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan bu'uura godhattee jira. Kanas, mala iddatteessuu isa kamitti akka fayyadameefi sababa maaliif akka gargaarame armaan gaditti dhihaateera.

Magaalaa Komboshaa keessaatti manneen barnoota mootummaa ja'atu jiru. Isaan kaanneen keessaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa (9-10) shaniifi, mana barumsaa qophaa'inaa(11-12) tokko qofaatu magaalaa kana keessatti argamu.Malli manneen barnootaa itti filatames mala iddattoo miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyoodha. Nunan (1992) mala akkayyoo akka

ibsetti, qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Sababni qorataan Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa filateef, manni barumsaa kun buleeyyii waan ta'eefi barattoota aanaa garaagararraa dhufanis, waan keessummeessuufi. Kutaan qorannoon irratti adeemsifamu kun kutaa 12<sup>ffaa</sup> dha. Sababni qorataan kutaa kana filateef, barattooni kutaa tokkorraa (gadaanaarraa) kaasanii hanga qophaa'inaatti shaakala dandeettii dubbisuu karaa adda addaan taasisaa turaniiru. Haata'umalee, dandeettiin dubbisuu barattoota qaaccessamee hinjiru. Kanaaf, dandeettiin dubbisuu isaaniifi sadarkaan barnootasaanii walmadaaluufi dhiisuu qaaccessuuf kutaan kun filatameera.

Barattooni manneen barnoota qophaa'ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan warreen iddattoo fudhataman keessaa tokkodha. Mala iddatteessuu carraa (probability sampling method) keessaa mala carraa tasaatti fayyadamuudhaan adeemsa qorannoo kanaa gara fuulduraatti barattoota akka iddattootti qooda fudhatan addaan baasuuf dursa baay'ina waliigalaa isaanii adda bahee kaa'amuun baay'ina barattoota akka iddattootti qooda fudhatan filate. Yaaduma kana cimsuun Dastaa (2002:103) yoo ibsu, "Malli carraa tasaa hirmaattota hunda carraa isaan qaban walqixxeedha". Jedha. Barattooni mana barumsa Qophaa'ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan bara 2010 daree 11tti qoodamuun barachaa turan. Dareewwan kanneen keessaas carraa tasaatti fayyadamuun qoratichi daree 6 iddattoof filate. Sababni daree 6 carraa tasaan filateefis, barattoota iddattoof filaman ilaalchi dhuunfaa keessa otoo hingaliin carraadhumaan akka filamaniifi. Barattoota daree 6, 370 (dhiira 168fi dubara 202) keessaa % 33, 122 (dhiira 55fi dubara 67) akka iddattootti filachuu danda'ee jira. Sababni qoratichi barattoota 122 filateef, barattoota hundarratti qorannoo gaggeessuun kan hindanda'amneefi isaan filataman kunneen immoo barattoota hafan bakka bu'u jedhee waan yaadeef. Akkasumas, akka waliigalaatti mana barumsaa kana keessatti barattoota Afaan Oromoo baratan bakka naaf bu'u jedhee waan yaadeef. Filannoon kunis, qulqullina isaa eeguuf kan fudhatamedha. Berg(2001) akka ibsetti, "Mala kamiinuu haa filatamu bakka bu'aa kanneen qorannichi ilaallatuuf ta'uu qabu, bakka bu'aa ta'uuf ammo iddattoon filatame tokko %33 ta'uun barbaaachisaadha." jedha. Haaluma kanaan qoratichi gaaffii dhiyesse nideebisu jedhee armaan olitti adda baafatetti fayyadamuun odeeffannoo walitti qabate.

Qorannoo kana geggeessuuf akka madda ragaatti kan fudhataman barsiisota Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisani. Tooftaan barsiisonni kun itti fudhatamanis iddatteessoo miti carraa keessaa mala akkaayyoootti gargaarame. Yaada kana Berg (2001) akka ibsetti, iddatteessuun kun qorataan tokko beekumsa dhimichaarratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Akkayyoo kan jedhameefis "akka kaayyoo qorannichaatti deebistoota filachuu waan taa'eefi". Kanaaf, dhimma qorannoo isaa ilaalchisee qoratichi odeeffannoo barbaachisu nan argadha jedhee waan amaneef barsiisonni gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisan lama qofa waan ta'aniif, akkuma jiranitti filatamaniiru.

### **3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa**

Galma ga'iinsa kaayyoo qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisaafi ga'aa ta'e ittiin funannachuuf maddi ragaalee itti dhimma bahame ykn filaatame afgaaffii, bar-gaaffii, daawwannaa dareefi qormaata.

#### **3.5.1. Bargaaffii**

Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> Qaaccessuuudha. Kana gochuuf, meeshaaleen ragaan ittiin funaanamee dhimmichi ittiin addaan bahu keessaa tokko bargaa'iidha. Innis gaaffilee barreeffamaan dhihaateefi odeeffannoo deebistoonni ykn odeeffannoo kennuu barbaadame barreeffamaan ibsamani. Dastan (2013:123) yaada kana akka ibsetti, bargaa'iiin maalleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'ee argama. Sababni meeshaalee ragaan ittiin funaanamu kun filatameef yeroo, humnaafi baasii qusata, eenyummaa odeeffannoo kennitootaa waan hinibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha; odeeffannoo kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiyeessa; bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'a; qorataafi odeeffannoo kennitoota gidduu waliin dubbiin murteessaa miti. Kanaaf odeeffanno kennitootni bilisa ta'anii yaada kennuu barbaadan ifaafi bilisaan barreeffamaan gaaffilee dhihaateef odeeffannoo quubsaa kennuu waan danda'aniif qoratichi itti fayyadamuu danda'eera.

Bar-gaaffiin odeeffannoon funaanamu baay'ee beekamaafi gaaffilee hedduu ta'an gaafachuuf mijaa'aadha (Kotari, 2004:463). Qorannoo tokkoof isa ijoo yoo ta'u, siirriitti qindaa'ee qophaa'uu qaba. Yeroo gabaabaa keessatti gaaffilee hedduu bar-gaaffiin dhiyaateen odeeffannoo walitti qabachuun nidanda'ama. Qoratichis haaluma kanaan gosoota bar-gaaffii cufaa qindeessuun

iddattoota adda baafaman barattoota dhibbaafi digdamii lama(122)f rabse.Bargaaffichis, kutaa lama qaba. Kutaan inni jalqabaa bakka itti iddattoonni odeeffannoo dhuunfaa itti guutan yemmuu ta’u, kutaan inni lammaffaan bakka itti gaaffilee deebisani.Dabalataanis,safartuu afur qaba.Sababni isaas daangaa deebii gaaffichaa bal’isuun iddattootaaf ifa gochuuf yaadameetu.Qoratichis bargaaffii haala kanaan qindeessuun odeeffnnoo funaannateera.

### **3.5.2. Daawwannaa Daree**

Daawwannaan daree mala odeeffannoon itti funaanamu kaassaa tokko. Kunis raawwii daree keessatti raawwatu qaamaan argamanii waanqabatamaatti ta’aa jiru ilaaluudhaaf kan oolu. Haaluma kanaan, yeroo baruufi barsiisuu Afaan Oromoo dandeettiin dubbisuu adeemsifamutti qorataan kutaa keessatti argamuun, odeeffannoo kaayyoo qorannoo kanaaf oolu kan ittiin funaannatedha.

Daawwannaan qorataan odeeffannoo funaanuuf, namoota odeeffannoo irraa funaanu wajjiin tahuun yookiin naannoo isaan jiranitti argamuun wanta godhaniifi dubbatan dhiyeenyatti ilaalaafi dhagahaa mala itti odeeffannoon guuramu. (Yaalaw 2001) Haaluma kanaan, qorataan, maaltu akka dareetti hojjetamu, akkamittii akka hojjetamu qabatamaan kan ittiin adda baafatu.

### **3.5.3. Afgaaffii**

Meeshaan inni biroo ragaan ittiin funaanamu af-gaaffii dhiyaatuudha. Malli ittiin odeeffannoon funaanamu kun ragaa barbaadamu bal’inaan argachuuf faayidaa heedduu qaba. Dastaan (2013:11) yaaduma kana cimsuun yoo ibsu, “Odeeffannoo afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu, qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffannoo kennan gafachuu isaatiin” jedha. Yaadni kun kan nu hubachiisu qorataafi odeeffannoo kennitoonni, yaada ifaadhaan akka walii galuu danda’aniif walquunnamtii sirrii ta’e akka gidduu isaaniitti uumamu ragaan qabatamaan odeeffannoo kennitoonni akka kennan taasisuun, qorataan ragaa qabatamaa ta’e gonfachiisa. Dabalataanis, irra deddeebinee gaafachuun ibsa dabalataa barbaannu odeeffannoo sirriitti argachuuf ni danda’ama.

Kanaaf, gaaffileen afaaniin dhiyaateera.Innis afgaaffiin barsiisota qofaaf qophaa’eera.Dandeettii Dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo baratan kan Mana Barumsaa Qophaa’ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup>qaaccessesee addaan baasuuf qoratichi qopheessee itti fayyadamee mala akkamtaatiin dhiyeesse.

Dabalataanis Adduunyaan (2011:64) yoo ibsu, “Odeeffannoon gaaffii ‘Akkam?’, ‘Akkamitti?’ jedhan deebisu afgaaffii geggeessuun funaanama” jedha. Kanumarraa ka’uun, afgaaffiin kan qorattoonniifi odeef kennaan kallattiidhan wal arguun odeeffannoo waliif kennan waan ta’eef gosa qorannoo kanaaf ni ta’a jedhamee filatame. Haaluma kanaan, afgaaffiin gosa gaaffii banaa 6 barsiisota madda odeeffannoof filaataman lamaaf dhiyaate

#### **3.5.4. Qormaata**

Qormaanni mala yookaan tooftaa odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko yemmuu ta’u, dubbisa keeyyata muraasa qabu yeroon daangessuun barattootaaf dhiyeessuun dubbisanii booda hammam barreeffama tokko akka hubatan madaaluuf gaaffilee adda addaa qoruun, karaa dandeettiin dubbisuu isaanii ittiin madaalamu keessaa isa tokko. John Atkins et.al (1966), Akka ibsanitti, qormaanni yookaan battalleen dandeettii yookaan beekumsa nama tokkoo ilaalchisee odeeffannoo funaannachuuf gargaara. Isa kana raawwachuufis, gosa qormaataa filannoo dubbisa waliin walqabatee qophaa’e fayyadamuu dandeenya. Innis, ogummaa dubbisuu, dhaggeeffachuu, seerlugaa, jechoota haaraafi ogummaa barreessuun walqabatee odeeffannoo funaanuuf gargaara.

#### **3.6. Malleen Qaaccessa ragaalee**

Ragaaleen meeshaalee odeeffannoo adda addaa ittiin walitti qabaman duraafi duubaan boqonnoo afur keessatti dhihatan. Haaluma kanaan, malli ragaa qaaccessuufi hiikuu odeeffannoo mata duree qorannoo kanaarratti argame ittiin adeemsifame, mala ammamtaafi akkamtaati. Malli ammamtaa odeeffannoo argame sana lakkoofsaan eeruu yookin haala ittiin ibsamuu danda’u dhiyeessuudha. Kunis, gabateen dhibbeentaadhaan kaa’uun xiinxaluun kan geggeeffamu yommuu ta’u, malli akkamtaa immoo odeeffannoo argame sana jechootaan ibsuudha. Kunis, meeshaalee ragaa garaagaraatiin funaaname, akka adeemsa siirrii ta’utti waliin walbira qabaa xiinxaluun jechaan kan ibsi itti kennamedha. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoo qorannoo kanaa tooftaa kana lamaaniin (mala makaa) yoo hiikame caalaatti ifaafi qabatamaa ta’a jedhamee waan amanameefidha. Haaluma kanarratti hundaa’uun qorataan malleen kanneenitti dhimma baahee jira. Isaan kunniin boqonnaa afur keessatti eeramaniiru

## Boqonnaa Afur: Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti odeeffanno qorannoo madda adda addaarraa mala adda addaatiin walitti qabaame qaaccessuufi hiikudha. Haaluma kana irraa ka'uudhaan, ragaalee barattootafi barsiisotarraa funanamaan haala barbaachiisa ta'een qaaccessuun kan dhiyaatedha. Jalqabarratti ragaan bargaaffiin walitti qabame qaaccessuun ragaalee meeshaalee biroon walitti qabamanii qaaceffaman walbira qabuun kan mirkaneeffamedha.

Qaaccessi kunis, ogummaan dubbisuu barattootaa haala irratti argamu kan adda baasu ta'a. Innis, barsiisonni, barattoonni muuxannoo isaanii gara dubbisaatti akka fidan , yeroon murteessuun yookaan daangessuun barreeffama dubbisanii akka deebisan, barreeffama kenname keessaa galumsarraa hiika jechoota haaraa akka baasan kan taasisan , darbee darbee akka ta'e qaaccessi ragichaa mul'iseera.

Knamalees, barattoonni yemmuu dubbisan sagalee olkaasuun dubbisuu malee callisaan dubbisuutti kan hinfayyadamne ta'uu adda ba'eera. Dabalataanis, barsiisaan dubbisa dabalataa dhyeessuun barattoonni dubbisanii akka hubatan kan hintaasisne ta'uu hubatameera. Qaaccessa ragaalee irraa odeeffannoo argames akka armaan gadiitti kan dhiyaate ta'a.

### 4.1 Qaaccessa Ragaalee Bar-gaaffii Barattootarraa Argame

Odeeffannoon barattoota irraa argame akkaataa gabatee armaan gadii keessatti ibsameen dhiyaateera.

#### 4.1.1. Gabatee Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Barattootaa

Lakk.	Gaaffilee Bar-gaaffiin dhiyaate	Deebistoota	Deebii deebistootaa bargaaffiin walqabatu (safartuun)							
			Yeroo hunda	%	Yeroo Baay'ee	%	Darbee darbee	%	Gonkumaa	%
1.	Gaaffilee dubbis duraa beekumsa duraan qabdanitti fayyadamuun akka deebistan taasifamtuu?	122	-	-	54	44.3	68	55.7	-	-

Barattoonni beekumsa isaanii yookaan muuxannoo isaanii gara dubbisaatti akka fidan barsiisaan taasisuu gaaffii gaafatuuf, barattoonni 54 (% 44.3) yeroo baay'ee akka fayyadaman yoo ibsan, 68(% 55.7) darbee darbee akka raawwachiisu ibsan.

Daawwannaa daree irraas barsiisonni guyyaa tokko tokko kan raawwatan ta'uu daawwatame. Afgaaffii barsiisotaa irraa immoo, barsiisonni gaaffilee dubbisa duraa yemmuu deebisiisan, beekumsa duraan qaban irratti hundaa'uun dubbisicha akka hubachiisan ibsaniiru. Qormaata barattoota irraa immoo barattoonni 96 (% 78.7) ta'an muuxannoo qaban gara dubbisaatti fiduun gaaffii dhiyaate deebisan.

Kanarraas, barsiisonni darbee darbee barattoonni muuxannoo isaanii gara dubbisaatti akka fidan taasisuu isaaniiti. Kanaan walqabsiisuunis, Jhon Atkins and et.al (1996) akka ibsetti, gaaffilee dubbisuun duraa beekumsa barattoonni duraan qabaniin walqabsiisuun, beekumsa matadurichaa irratti qaban gara dubbisichaatti akka fidan yookaan dubbisichi waa'ee maalii akka ibsu, haqa dubbisicha irraa eegan tilmaamuuf gargaara.

Lakk.	Gaaffilee Bar-gaaffiin dhiyaate	Deebisoota	Deebii deebisootaa bargaaffiin walqabatu (safartuun)							
			Yeroo hundaa	%	Yeroo Baay'ee	%	Darbee darbee	%	Gonkumaa	%
2	Barreeffama tokko dubbistanii deebisuuf yeroon murtaa'ee isiniif kennamaa?	122	15	12.3	33	27	74	60.7	-	-

Barattootaaf dubbisni yeroon daanga'ee yookaan murtaa'ee kennamuu isaa adda baasuuf kan gaafatameef, barattoonni 15 (% 12.3) yeroo hundaa akka kennamu yoo deebisan, 33 (%27) yeroo baay'ee akka kennamu, 74 (% 60.7) immoo darbee darbee yeroon akka kennamu ibsan.

Afgaaffii barsiisotaa irraa immoo barsiisaan tokko yeroon daangessee dubbisa kan hinkennine ta'uu yoo ibsu, barsiisaan biroon immoo keeyyataan walqabsiisee kan kennu malee yeroon kan hinmurteessine ta'uu ibseera. Kanarraa, dubbisni yeroon walqabatee barattootaaf kan hinkennamne ta'uu hubatame. Qormaata barattootaa irraas, barattoonni baay'een yeroon daangeffamanii gaaffilee dubbisaan walqabatee kennameef otoo hinxumuriin kan hafan ta'uu hubatameera.

Kanaan walqabatee Nutall (1982) akka ibsitetti, barattoonni saffisa dubbisuu giddu-galeessaafi saffisa barbaachisu akka horatan yookaan akka fooyyeffataniif yeroon daangessuun shaakalsiisuufi jajjabeessuun barbaachisa.

Deebii deebistootaa bargaaffiin walqabatu (safartuun)										
Lakk.	Gaaffilee Bar-gaaffiin dhiyaate	Deebistoota	Yeroo hunda a	%	Yeroo Baay'ee	%	Darbee darbee	%	Gonkumaa	%
3	Barreeffama kenname Keessatti hiika jechoota haaraa galumsarra akka hubattan taasifamtuu?	122	-	-	17	13.9	89	73	16	13.1

Barattoonni barreeffama kenname keessatti hiika jechoota haaraa galumsarraa barsiisaan hubachiisuu isaa gaaffii gaafatuuf, barattoonni 17 (% 13.9) yeroo baay'ee akka hubatan akka taasisu yemmuu ibsan, 89 (% 73) darbee daarbee akka isaan hubachiisu, 16 (% 13.1) immoo gonkumaa hiika jechoota haaraa galumsarraa akka isaan hinhubachiisne ibsan.

Daawwannaa daree taasifame irraas, barattoonni muuxannoo yookaan beekumsama duraan qaban irraa ka'uun kan deebisuu yaalan malee galumsarraa yemmuu akka deebisan taasifaman hinmul'anne. Qormaata barattootaaf dhiyaate irraas barattoonni bay'een gaaffilee galumsarraa hiika jechoota tilmaamuun akka deebisan gaafatuufi hika dhokataa akka deebisan gaafatu hindeebisne.

Kanarraa barsiisonni galumsarraa barattoonni hiika jechoota haaraa akka hubatan taasisuurratti xiyyeeffachuun akka hinhojjenne hubachuun danda'ameera.

Kanaan walqabatee Smith (1978) akka ibsetti, dubbisaan waan fedhe yemmuu dubbisu, jechoonni haaraan faayidaa qaba. Jechoonni haaraan hubannoon dubbisaa akka cimuufti hawwataa akka ta'u taasisu. Kunis, jechoonni haaraan dubbistootaaf baay'ee barbaachisaa ta'uu agarsiisa. Dubbistoonni hanqina jechoota haaraa qaban, dubbisuun isaanitti ulfaata. Dubbistoonni rakkoo akkasii furuuf, galumsatti fayyadamuufi yeroo yerootti dubbisa adda addaa dubbisuu furuu danda'u.

Kanamalees, barattoonni dandeettii jechoota haaraa sirrii ta'e horachuuf, jalqaba jecha haaraa dubbisa keessatti isaan mudateef bakka galumsaa irraa ka'uun tilmaamu. Itti fufuunis hiikni tilmaaman sirrii ta'uufi dhiisuu isaa mirkaneeffatu. Jhon Atkins and et.al (1996) itti dabaluun yaaduma kan yoo cimsu, hiika jechoota haaraa karaa ifa ta'een galumsa dubbiiifi barreeffamaan yoo dhyeessaniifi shaakalsiisan bu'aa qabaessa. Inni kunis, barattoonni jechoota haaraafi beekumsa duraan qaban walitti fiduun hiika jechoota haaraa karaa ifa ta'een hubachuuf gargaara. Hiika jecha tokkoo dhaabiitti kana jedhanii murteessuun hindanda'amu. Bakka



galumsaarratti hundaa'uun hiika adda addaa kennu keessaa isa kam akka ta'e murteessuu dandeessisa. Nutall (1982) akka ibsitettis, akka waliigalaatti sagantaadhaan dubbisuun dandeettii jechoota haaraafi dubbisuu fooyyeffachuuf, baay'ee bu'a qabeessa. Kanamalees, kuusaa jechootaafi meeshaalee dubbisaa baay'etti fayyadamuun dandeettii hiika jechootaa haaraa cimsachuun akka danda'amu ibsiteetti.

Lakk.	Gaaffilee Bar-gaaffiin dhiyaate	Deebistoota	Deebii deebistootaa bargaaffiin walqabatu (safartuun)							
			Yeroo hundaa	%	Yeroo Baay'ee	%	Darbee darbee	%	Gonkumaa	%
4	Callisaan dubbisuun gaaffilee adda addaa akka deebistan taasifamtuu?	122					3	2.5	119	97.5

Barsiisaan callisaan barattoota dubbisiisuun gaaffilee adda addaa barattoonni akka deebisan taasisuu isaa gaafatuuf barattoonni 3(% 2.5) darbee darbee akka raawwachiisu yoo ibsan, 119 (% 97.5) immoo gonkumaa kan hinraawwachiisne ta'uu ibsan.

Daawwannaa daree taasifame irraas, barsiisaan sagalee olkaasisuun kan dubbisiise malee callisaa akka hindubbisiisne daawwatameera.

Afgaaffii barsiisotaa irraas barattoonni sagalee olkaasani akka dubbisan taasifamuu malee callisaan dubbisiisuun akka hingaggeeffamne ibsaniiru.

Ragaalee qaacffaman kanneen irraas barattoonni sagalee olkaasuun malee callisaan dubbisuutti kan hnfayyadamne ta'uun hubatameera.

Kanaan walqabatees Jhon Atkins and et.al (1996) akka ibsetti, dubbisuun hojii sochii dhuunfaa waan ta'eef, callisaan raawwachuu qaba. Callisaan dubbisuun jalqaba gaggeeffamuu qaba. Itti fufuunis barattoonni deebii gaaffilee yookaan dalgaalee dubbisaan walqabatee hojjetan ibsuu, irrattis mariisuu danda'a. Callisaaniifi dhuunfaan dubbisuun, dubbisuu sirriitti baruuf faayidaa guddaa qaba. Kanaafuu, barattoonni dubbisa fedhaniifi barbaadan giddu-galeessa godhachuun callisaan dubbisuu shaakaluu qabu.

Lakk.	Gaaffilee Bar-gaaffiin dhiyaate	Deebistoota	Deebii deebistootaa bargaaffiin walqabatu (safartuun)								
			Yeroo hundaa	%	Yeroo Baay'ee	%	Darbee darbee	%	Gonkuma	%	
5	Sagalee olkaastanii yemmuu dubbistan,yeroon kennamee hangi jechoota dubbistanii isinitti himamaa?	122	-	-	-	-	-	-	-	122	100

Barattoonni sagalee olkaastanii yemmuu dubbisan, barsiisaan yeroo murteesse hanga jechoota dubbisanii isaanitti himuu isaa gaaffii gaafatuuf, barattoonni hunduu barsiisaan akka isaan hinraawwachiisne ibsan.Daawwannaa daree taasifame irraas barsiisonni yemmuu sagalee olkaastanii dubbisiisan yeroo murteessuun akka hindubbisiisne adda ba'eera.

Afgaaffii barsiisotaa irraas barattoonni sagalee olkaastanii akka dubbisan taasifaman malee yeroon murtaa'ee akka hinkennamne ibsa barsiisonni kennan irraa hubatameera.

Qaaccessa ragaalee adda addaa kanneen irraas barattoonni sagalee olkaastanii akka dubbisan taasifamu malee, yeroon murtaa'ee kan hinkennamneef ta'uutu hubatame.

Kanaan walqabsiisuunis, Brown, H. D (2000) akka ibsetti, namni sagalee olkaasuun dubbisu tokko qubeewwan, jechootaafi himoota akkasumas barreeffamoota gaggabaaboo yeroo daangessamee bakka qoraan jirutti sagalee olkaasee dubbisuun, sirriitti dubbisuufi dhiisuun isaa madaalamuu danda'a.

Lakk.	Gaaffilee Bar-gaaffiin dhiyaate	Deebistoota	Deebii deebistootaa bargaaffiin walqabatu (safartuun)							
			Yeroo hundaa	%	Yeroo Baay'ee	%	Darbee darbee	%	Gonkumaa	%
6	Barsiisaan dubbisa dabalataa isin dubbisiisuun, isin hubachiisaa?	122	-	-	-	-	28	23	94	77

Barsiisaan dubbisa dabalataa barattoota hubachiisuu bargaaffii dhiyaateef, barattoonni 28 (% 23) darbee darbee kan raawwtu ta'uu yemmuu ibsan, 94 (% 77) immoo gonkumaa kan hinraawwanne ta'uu ibsan.

Daawwann daree irraas, barsiisonni dubbisuma kitaaba barattootaa irratti argamu dubbisiisuun akka hubatan taasisuun alatti dubbisa dabalataa barattootaaf yemmuu dhiyeessan hindaawwatamne.

Afgaaffii barsiisotaaa irraas kitaaba barattootaa irratti kanuma dhiyaate dubbisiisanii akka hubachiisuu yaalan ibsan malee, dubbisa dabalataa kan dhiyeessan ta'uu hinibsine.

Kana ilaalchisuunis, Jhon Atkins and et.al (1996) akka ibsetti, barsiisaan barattootaaf carraa kennuun, haala mijeessuun, saffisa dubbisaa adda addaan kaayyoo adda addaan akkasumas hanga hubannaa adda addaatti deeggaruun barbaachis.

#### 4.2 Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisotaa

Qaaccessi af-gaaffii barsiisota lamarraa argame, akkaataa armaan gadiitti qaaccessamuun dhiyaateera. Gaaffii af-gaaffii barattoonni barreeffama tokko dubbisanii akka hubatan akkamiin taasisa? Jedhuuf, barsiisonni lamaanuu jalqaba gaaffilee dubbisa duraa muuxannoo yookaan beekumsa duraan qaban irratti hundaa'uun akka yaalan yookaan deebisan taasisna. Itti fufuunis, jechoota haaraa dubbisicha keessaa ba'an, dubbisicha akka hinhubanneef isaan danquu danda'an yoojiraatan hiika isaanii tilmaamsisuun dubbisuutti seenna. Dubbisas, barattoonni fedhiidhaan, yoo fedhiin kan dubbisu dhibes tartiiba taa'umsaan yookaan lakkoofsa dareen dabaree dabareen sagalee olkaasanii keeyyata tokko tokko akka dubbisan taasisna. Darbee darbees barataa sirriittiifi ariitiin dubbisuu danda'u yookaan ofiis dubbisna. Sana booda dubbisicharratti ibsa gabaabaa kennuu akka hubatan taasisna jechuun ibsaniiru. Asirratti barreeffamicha dubbisanii akka hubatan gochuuf callisaan fayyadamuun barbaachisaa ta'ee otoo jiruu sagalee olkaasuun akka dubbisan gochuun hanqina isa cimaadha. Gaaffii barreeffama tokko dubbisanii akka deebisaniif (yeroo qormaataan alatti) barattootaaf yeroo murteessitee nikennitaa?

jedhuuf,barsiisaa 1ffaan “Eeyyee” jechuun erga deebisee booda,jalqaba fedhiin yookaan toora taa’umsaan sagalee olkaasanii akka dubbisan ergan taasisee,baay’inaafi haala gaaffilee giddu-galeessa godhachuun tilmaamaan yeroo itti hojjetanii xumuran murteesseen kennaaf jechuun yemmuu ibsu,barsiisaa lammaffaan immoo,dabaree dabareen yookaan barattoota sirriitti dubbisan dubbisiisuun yookaan ofii ergan dubbisee gaaffilee dubbisaaf yookaan gabateerrattin barreessaaf.Itti fufees,yeroo wayitichaa hafe keessatti gaaffilee afaaniin yookaan barreeffamaan akka deebisanan taasisa malee yeroo daangessee hinkennu jechuun ibseera.

Af-gaaffii callisaan dubbisiisuun gaaffilee adda addaa nideebisiistaa? Jedhuuf,barsiisonni lamaanuu “Lakki” jechuun erga deebisanii booda,sababoota jiran keessaa hanqinni kitaaba Afaan Ormoo isa tokko akka ta’e ibsaniiru.Innis daree baay’ina barataa 60fi isaa olqabu keessa kitaaba 18 qofatu jira.Isumayyuu wayiticharratti barattoota muraasatudareefideedhufa.Callisaan dubbisiisuuf immoo,tokko tokkoon barataa kitaaba dhuunfaatti qabaachuutu irraa eegama. Kana furuufis,Manni Barumsaa,Manneetiin Barnootaa Aanaa,Godinaafi Naannoo gahee qaba.Inni biraan,manni barumsaa qabiyyeen barnootichaa yeroon hinxumuramiin yoo hafe waan itti numadaaluuf,kitaabni otoo jiraates xiyyeeffannoon keenya saffisaan kitaabicha xumuruu malee,adeemsaafi qajeelfama dubbisuu kitaabichaa hordofuu miti.Yoo kana kan hordofnu ta’e yeroon nuhinga’u jechuun ibsaniiru.Kana malees,barattoonni sagalee olkaasuun dubbisuu waan amaleeffataniif,callisaan dubbisuu bu’uuraan barsiisuuf yeroo yookaan sagantaa mataasaa barbaada.walumaagalatti sababoota olitti ibsamaniif callisaan dubbisuutti fayyadamuu hindandeenye jechuun ibsaniiru.

Af-gaaffii sagalee olkaasanii akka dubbisan yemmuu taasistu,dandeettii dubbisuu isaanii akkamiin madaalta? jedhuuf,barsiisaan 1ffaan,jalqaba sagaleensaa akkaataa barbaachisuun daree keessatti kan dhaga’amu ta’uu,birsaga,jechoota,gaaleewwaniifi himoota sirriitti dubbisuu,akkasumas tuqaalee barreeffamicha keessatti argaman hordofuun bu’ii ba’ii sagalee sirriin kan dubbisu ta’uun madaala jechuun yemmuu ibsu,barsiisaan 2ffaanis sagalee barbaachisuu, jechootaafi himoota sirriitti kan dubbisu ta’uu,akkasumas saffisa barbaachisuun kan dubbisuufi amaloota dubbisuu hinbarbaachisne fakkeenyaaf,yemmuu dubbisu/dubbistu mataa kan hisochoosne,qalama yookaan quba barreeffamarra kan hinnaannessine ta’uufi kkf...madaala jechuun ibseera.

Af-gaaffii barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii akka cimsataniif akkamiin deeggarta? Jedhuuf,barsiisaa 1ffaan,daree keessatti sababoota adda addaan callisaan dubbisuun hojiirra ooluu baatus,akkaataa barreeffamni tokko callisaan dubbisuun hubachuun danda'amuufi kaayyoo dubbisichaarratti hundaa'uun saffisa dubbisuu adda addaa akka fayyadaman gochuun dandeettiin dubbisuu isaanii akka cimun deeggara jechuun ibseera.Barsiisaa 2ffaan immoo,jalqaba jecha,gaaleefi himni bu'uurumaan akkamiin sagaleeffamee akka dubbisamu adda baafatanii akka hubatan nan jajjabeessa.Itti fufuunis,barreeffama callisaan akkamiin dubbisanii akka hubataniifi yeroo dubbisan unka barreefamichaa seeraan dubbisuufi hiikasaas walqabsiisuun hubachuu akka qaban,fedhii yooqabaatan, yeroo wayitii barnootaa alatti fakkeenya adda addaa kennuun, kitaabilee adda addaa akka dubbisan gochuun dandeettiin dubbisuu isaanii akka cimsatan taasisuun nanjajjabeessa jechuun ibseera.

Af-gaaffii dandeettiin dubbisuu barattoota kutaa 12ffaa sadarkaa akkamiirratti argama jettee yaadda? jedhuuf,baruufi barsiisuu keessatti hangan dandeettii dubbisuu barattoota kutaa 12ffaa,dareewwan barsiisu madaaletti,dandeettiin dubbisuu isaanii baay'ee gadi bu'aadha.Sababni isaas barattoota dabaree dabareen sagalee olkaasanii akka dubbisan yemmuun taasisaa turetti,baay'inni isaanii walakkaatii ol kan ta'an sirriitti dubbisuu hindanda'an.Yeroo dubbisanis,akka barattoota sadarkaa gadaanaatti yemmuu dubbisan mul'atu.Akkan yaadutti,hanqinni dandeetti dubbisuu isaanis,sadarkaa 1ffaatii kaasee akkamiin akka dubbisanii hubatan sadarkaa sadarkaan otoo hingonfatiin waan dhufaniifdha jechuun ibseera.Barsiisaa 2ffaanis,kitaaba barnootaa isaaniirratti hundaa'uun,gilgaala dubbisuu kennuun akkan madaaletti dandeettiin dubbisuu isaanii gadi bu'aadha.Ka'umsi dandeettii dubbisuu isaaniis kanneen ijoo ta'an,kutaa gadiitii kaasee,barsiisaan barattoonni dandeettii dubbisuu sirrii akka gonfataniif ga'ee isaanii hinbaane.Barattoonnis dandeettii dubbisuu gonfachuuf, xiyyeeffannoofi tattaaffii barbaachisu otoo hintaasisiin hafuu isaaniifi kutaa amma irra jiranittis barsiisaan sababoota adda addaa olitti ibsamaniin dandeettii dubbisuu gonfachiisuu qabu hinraawwatiin hafuufaaati jechuun ibseera.

Walumaagalatti,qaaccessa bargaaaffii, daawwannaafi afaaaffii olitti taasisamerraa hanqinaaleen armaan gadii adda ba'aniiru.Barreeffamni kennamu waa'ee maalii akka ta'e barattoonni tilmaamuurratti hanqina qabaachuu,barsiisaan barreeffama dubbisanii akka deebisan yemmuu taasisu,yeroo daangessee barattootaaf kan hinlaanne ta'uu,barreeffama kenname keessatti hiika

jechoota haaraa galumsarraa akka hubatan taasisuurratti hanqinni jiraachuu, barsiisaan callisaan dubbisuutti fayyadamuu otoo qabuu sagalee olkaasuun dubbisuu qofatti fayyadamuu, barattoonni sagalee olkaasuun yemmuu dubbisan yeroon kennamee hanga jechoota dubbisanii kan itti hinhimamne ta'uu, bu'i ba'ii sagalee eegani akka dubbisan gochuun dogoggorri kan itti hinhimamne ta'uu, barreeffama yemmuu dubbisan, kaayyoo dubbisaarratti hundaa'uun saffisaan, sakattaanfi suuta dubbisuu fayyadamuurratti hanqinni mul'achuu, barattoonni amaloota dubbisuu ga'umsa qabu akka horatan taasisuufi dubbisa dabalataa kennuun hubannoo isaanii akka cimsatan gochuurratti barsiisonni hanqina qabaachuun hubatameera.

### 4.3. Qaaccessa Ogummaa Sagalee Olkaasuun Dubbisuu

Mata duree kana jalatti barattootaaf yeroon daangessamee kennamuun, sagalee olkaasuun akka dubbisan taasifamee yeroo kenname keessatti hanga jechootaa sirriitti dubbisanii adda ba'uun kan keessatti qaaceffame agarsiisa.

#### 4.3.1. Gabatee Qaaccessa Dandeettii Sagalee Olkaasuun Dubbisuu

Namnidubbisu tokko, qubeewwan, jechootaafi himoota akkasumas, barreeffamoota gaggabaaboo bakka qoraan jirutti sagalee olkaasee dubbisuun sirriitti dubbisuufi dhiisuun isaa madaalamuu akka danda'u Brown, H.D (2000:190) ibseera. Haaluma kanaanis, qoratichi akkaataa armaan gadiin dubbisiisee qaaccessaera.

Lakk.	Ogummaa sagalee Olkaasuun dubbisuu	Baay'ina dubbisootaa (122 keessaa)	%	Baay'ina jechootaa Daqiiqaatti dubbisanii (dubbisuuf yaalan)
1	Saffisa gadi bu'aafi dogoggoraan kan dubbisan.	53	43.4	50-75

Akkuma gabatee olii irraa hubatamutti iddattoonni sagalee olkaasanii akka dubbisan taasifamuun akkaataa armaan gadiin qaaccessameera.

Barattoota iddattoof filataman 122 keessaa 53(43.4) ta'an saffisa gadi bu'aafi dogoggoraan kan dubbisanidha. Isaanis yemmuu dubbisan, sagaleewwan yookaan birsagoota jechoota keessatti argaman sirriin kanneen hindubbisnedha. Kana jechuun immoo jechoota sirriitti hindubbisan jechuudha. Jechoota sirriin waan hindubbisneefis himoota sirriitti hindubbisan. Yeroo dubbisanis

jecha tokko kukkuta,saffisa gadi bu'aan dubbisu jechuudha.Daqiiqaa tokkottis jechoota 50-75 sagalee olkaasuun/sagaleessuun dubbisuu yaalu.

Lakk.	Ogummaa sagalee Olkaasuun dubbisuu	Baay'ina dubbistootaa (122 keessaa)	%	Baay'ina jechootaa Daqiiqaatti dubbisanii (dubbiisuuf yaalan)
2	Saffisa giddu-galeessaafi dogoggora kan dubbisan	42	34.4	76-100

Barattoonni 42(%34.4) kan ta'anis saffisa giddugaleessaafi dogoggoraan kan dubbisanidha.Isaanis yemmuu dubbisan,sagalee yookaan birsaga jechootaa kan kukkutan ta'ee kanneen saffisa gadi bu'aan dubbisan irra fooyyee kan qabanidha.Karaa biraanis,yemmuu dubbisan bakka tuqaaleen jiranitti bu'ii ba'ii sagalee eeganii sirriitti dubbisuu hindanda'an.Himoota hunda yaa'a sagalee walfakkaatuun,akkaataa bu'ii ba'ii hinqabneen dubbisu jechuudha.Daqiiqaa tokkottis,jechoota 76-100 dubbisu/sagaleessu.

Lakk.	Ogummaa sagalee Olkaasuun dubbisuu	Baay'ina dubbistootaa (122 keessaa)	%	Baay'ina jechootaa Daqiiqaatti dubbisanii (dubbiisuuf yaalan)
3	Saffisa sirriifi dogoggora malee Kan dubbisan	27	22.1	101-120

Barattoonni 27(%22.1) ta'n immoo yemmuu dubbisan,saffisa sirriifi dogoggora malee kanneen dubbisanidha.Saffisni dubbisuu isaanii kan dubbisaa sirriin, sagaleessuun dubbisuu danda'u kanneen dubbisaniifi akkaataa dhaggeeffataan hubachuu danda'uun kanneen raawwatanidha.

Yemmuu dubbisanis,bakka tuqaaleen adda addaa jiranitti bu'aa ba'ii sagalee sirrii ta'een kanneen dubbisanidha.Itti dabaluuinis,dubbisuu keessatti amaloota dubbisuu sirrii ta'anittis nigargaaramu.Daqiiqaa tokko keessattis,jechoota 101-120 kanneen dubbisanidha. Isaan kunneen akkaataa barbaachisuun kan dubbisanidha.

Walumaagalatti,barattoota muraasaa alatti,hedduun isaanii sagalee olkaasuun yemmuu dubbisan, haala sadarkaa isaanii hinmadaalleen dubbisuun hanqina agarsiisaniiru.

#### 4.4.Qaaccessa Qormaata Barattootaa Dubbisaan Walqabatu

Mata duree kan jalatti raga qormaata irraa argame qaaccessuun akka armaan gadiitti dhiyaateera.

##### 4.4.1.Gabatee Qaaccessa Gaaffilee Qormaata Dubbisuun Duraa

Lakk.Gaaffilee	Baay'ina qoramtootaa sirriin Deebisanii	%	Baay'ina qormtootaa Dogoggora deebisanii	%
1.	96	78.7	26	21.3
2	63	51.6	59	48.3
3	74	60.7	48	39.3
4	52	42.6	70	57.4

Akkuma gabatee armaan olitti eerametti gaaffilee dubbisa duraa iddattoonni gaafataman keessaa gaaffii 1ffaa,barattoonni 96(%78.7) ta'an yemmuu deebisan,iddattoonni 26(%21.3) immoo deebii dogoggoraa deebisaniiru.Gaaffii 2ffaa dubbisa duraa iddattoonni 63(%51.6) deebii sirrii,59(%48.3) immoo deebii dogoggoraa deebisaniiru.Gaaffii 3ffaa,iddattoonni 74(%60.7) deebii sirrii,iddattoonni 48(%39.3) immoo deebii dogoggoraa deebisan.Gaaffii 4ffaa,iddattoonni 52(%42.6) deebii sirrii yemmuu deebisan,barattoonni 70(%57.4) immoo deebii dogoggoraa deebisaniiru.Walumaagalatti,iddattoonni dubbisichi waa'ee maalii ibsuuf akka deemu tilmaamuurratti(gaaffii 4ffaa) hanqina mul'isaniiru.



#### 4.4.2. Gabatee Qaaccessa Gaafflee Qormaata Yeroo Dubbisuu

Lakk. Gaaffilee	Baay'ina iddattootaa Sirriin Deebisanii.	%	Baay'ina iddattootaa dogoggora deebisanii	%
5	41	33.6	81	66.4
6	66	54	56	45.9
7	60	49.1	62	50.8
8	67	54.9	55	45
9	72	59	50	41
10	64	52.4	58	47.5
11	81	66.4	41	33.6
12	68	55.7	54	44.3
13	62	50.8	60	49.2
14	46	37.7	76	62.3
15	58	47.5	64	52.5
16	33	27	89	73
17	29	23.8	93	76.2

Gabatee armaan olitti gaaffilee yeroo dubbisuu iddattoonni qoraman haala armaan gadiin ibsameera. Gaaffii 5ffaa gaaffilee yeroo dubbisuu, iddattoonni 41(%33.6) deebii sirrii, 81(%66.4) immoo deebii dogoggora deebisaniiru.

Gaaffii 6ffaa iddattoonni 66(%54) deebii sirrii, iddattoonni 56(%45.9) deebii dogoggoraa deebisaniiru. Gaaffii 7ffaa iddattoonni 60(%49.1) deebii sirrii yemmuudeebisan, iddattoonni 62(%50.8) deebii dogoggoraa deebisaniiru. Gaaffii 8ffaa, iddattoonni 67(%54.9) deebii sirrii, 55(%45) immoo deebii dogoggoraa deebisan. Gaaffii 9ffaa, iddattoonni 72 (%59) deebii sirrii, 50(%41) dogoggora deebisaniiru. Gaaffii 10ffaa, yeroo dubbisuu, iddattoonni 64(%52.4) deebii sirrii, 58(%47.5) immoo deebii dogoggoraa deebisan. Gaaffii 11ffaa, iddattoonni 81(%66.4) deebii sirrii, 41(%33.6) deebii sirrii hintaane deebisan. Gaaffii 12ffaa qoramtoonni 68(%55.7) deebii sirrii, 54(%44.3) deebii dogoggoraa deebisan. Gaaffii 13ffaa, qoramtoonni 62(%50.8) deebii sirrii, 60(%49.2) deebii sirrii hintaane deebisaniiru. Gaaffii 14ffaa, iddattoonni 47(%37.7) deebii sirrii, 76(%62.3) immoo deebii dogoggoraa deebisan. Gaaffii 15ffaa iddattoonni 58(%47.5) deebii sirrii, 64(52.5) immoo deebii dogoggoraa deebisan. Gaaffii 16ffaa iddattoonni 33(%27) deebii sirrii yemmuu deebisan, iddattoonni 89(%73) immoo deebii dogoggoraa deebisan. Gaaffii 17ffaa iddattoonni 29(%23.8) deebii sirrii yemmuu deebisan, iddattoonni 93(%76.2) deebii dogoggoraa deebisaniiru.

Walumaagalatti,iddattoonni gaaffilee yeroo dubbisuu qoraman kana keessatti,saffisaan dubbisuun yaada waliigalaa dubbisichaa hubachuu gaaffii gaafatu(gaaffii 1ffaa),hiika jechoota haaraa akka galumsaatti(gaaffii 14fi15) fi hiika dhokataa (gaaffilee 16fi 17) deebisuu irratti hanqinaakka qaban qoratichi hubateera.

#### 4.4.3.Gabatee Qaaccessa Gaaffilee Dubbisuun Boodaa

Lakk. Gaaffilee	Baay'ina iddattootaa sirriin Deebisanii.	%	Baay'ina iddattootaa Dogoggora deebisanii.	%	Baay'ina qoramtootaa Deebii hinlaadne.	%
18	57	46.7	35	28.7	30	24.6
19	60	49.2	62	50.8	-	-
20	16	13.1	22	18	84	68.9

Gabatee olii keessatti akkuma ibsameen iddattoonni filaman gaaffilee dubbisa boodaa qoramani deebiin isaanii qaaccessameera.Haaluma kanaan,Gaaffii 18ffaa iddattoonni 57(%46.7) deebii sirrii yemmuu deebisan,35(%28.7)deebii dogoggoraa 30(%24.6) immoo deebii hinlaanne.

Gaaffii 19ffaa,iddattoonni 60(%49.2) deebii sirrii yemmuu deebisan,iddattoonni 62(%50.8) deebii sirrii hintaane deebisan. Gaaffii 20ffaa qoramtoonni 16(%13.1) deebii sirrii yemmuu deebisan,22(%18) immoo deebii dogoggoraa deebisaniiru.Iddattoonni 84(%68.9) immoo gaaffichaaf deebii hinkennine.

Walumaagalatti,iddattoonni gaaaffilee dubbisa boodaa qoraman kunneen dubbisa kenname sirriitti dubbisuun hubatanii gaaffilee dubbisa boodaaf deebii sirrii kennuurratti hanqina akka qaban deebii kennan irraa hubachuun danda'ameera.Kanamalees,deebii otoo hinkenniin hafuunis yeroo waliin walqabsiisuun shaakala akka hinqabne hubachuun nidanda'ama.

## **Boqonnaa Shan:Gudunfaa, Argannoofi Yabo**

### **5.1. Gudunfaa**

Qorannoon kun akkuma mata-duree irratti ibsame,qaaccessa dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan,kutaa 12<sup>ffaa</sup> Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa Qaaccessuudha. Qorannoo kanaafis,iddattoon adda baafaman barsiisota mana barumsichaa AfaanOromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisan lamaafi barattoota dhibbaafi digdamii-lama irratti kan gaggeeffamedha.Meeshaalee funaansa raga kan ta'an,bargaaffii barattootaa,daawwannaa daree barsiisota lamaanii,af-gaaffii barsiisotaa battallee ykn qormaataan odeeffannoo guuruun qaaceffameera.

Haaluma kanaan,mana barumsaa,kutaafi dareewwan daangessuun iddattoo adda baafamerratti qaaccessa gaggeeffameen,dandeettiin dubbisuu barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa hanqina akka qabu hubachuun danda'ameera.Walumaagalatti,gaaffileen bu'uuraa qorannoo kana keessatti kaa'ame odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaarraa argame qaaccessuun deebii argateera.Bu'aa argame kanarraa ka'uun,qoratichi argannoo isaa akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

### **5.2.Argannoo**

Qaaccessa dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa haala qorannoo kanaan adda baafametti hanqinaalee qabaachuu isaati.Innis hanqinaalee qabaachuuf akka sababaatti ragaaleen meeshaalee funaansa raga irraa qaaceffameen qoratichi gaaffilee bu'uuraa qabatee ka'e irratti hundaa'uundeebii argate kan armaan gadiiti.

✚ Barattoonni barreeffama tokko yeroo kenname keessatti dubbisanii xumuruu irratti hanqina qabu.Inni kunis qormaata/battallee yeroo waliin walqabsiisuun kenname, gaaffilee dubbisa boodaa otoo hinxumuriin hafuun isaanii isa kana mul'isuu danda'a.

Barsiisonnis,barreeffama yeroo kennan yeroo daangessanii kan kennan osoo hintaane,keeyyataan ykn wayitii barnootichaan daangessuun akka kennan mul'ateera.Gama biraanis,callisaan dubbisuutti fayyadamanii gaaffilee yeroo dubbisuufi dubbisaboodaa hojjechuu osoo qabanii,sagalee olkaasuun akka dubbisan taasisuun mul'ateera. Kitaabni barataa dareetti shanii gadi yeroo barnoota dubbisaa jiraachuun

callisaan dubbisuutti akka hinfayyadamne kanneen godhan keessaa isa tokko ta'uun hubatameera.

- ✚ Barreeffama kenname tokko keessaa hiika dhokataa baasuurratti hanqinni barattootarratti mul'teera. Barsiisaanis, hiika dhokataa akka baasan gochuurratti hanqina qaba.
- ✚ Barreeffama dubbisanii hiika jechoota haaraa galumsarraa hubachuurratti barattoonni hanqina akka qaban mul'ateera. Yeroo hiika laachuu yaalanis, beekumsama qaban irratti hundaa'uun deebisuu yaalu malee fuulcha galumsa hiikaa hubachuun hinmula'ne. Barsiisaanis, hiika jechoota haaraa akka galumsaatti fakkeenya kennuun xiyyeeffatee deeggaree hubachiisurratti hanqina akka qabu hubatameera. Erga barattoonni yaalanii booda, deebii yookaan hiika kenna malee akkaataa jechoota waliin hiriiree jiruun wanti inni ibse hinjiru.
- ✚ Barattoonni sagalee olkaasanii yemmuu dubbisan hanqinni mul'ateera. Innis, barattoonni muraasni qofti, si'a, sirrummaafi ibsa eegani, akkaataa dubbisa idilee sirrii ta'een yemmuu dubbisan mul'ataniiru. Kanaa alatti, barattoonni walakkaatii ol ta'an, hanqina akka qaban mul'ateera. Isaanis, saffisa gadi bu'aan waan dubbisaniif daqqiqaatti baay'ina jechootaa warri sirriin dubbisan walakkaan gadi hir'isuun yemmuu dubbisan mul'ataniiru. Kan isaan dubbisanis, kan sadarkaa isaaniin walgitu osoo hintaane, sadarkaa isaanii gaditti akka ta'e hubatameera. Barsiisonnis, dogoggora dubbisuu isaanii akka adda baabatan, saffisa isaanii akka fooyyeffatanfi dandeettii sagalee olkaasanii dubbisuu isaanii akka cimsatan deeggaruu irratti akkasumas dubbisa dabalataa dhiyeessuun akka hubannoo dubbisuu isaanii cimsatan gochuurratti hanqina agarsiisaniiru.
- ✚ Barsiisonnis, dubbisa dabalataa barattootaaf dhiyeessuun shaakalsiisuurratti hanqina akka qabu odeeffannoo qaacceffamerra hubatameera.

### 5.3 Yaboo

Argannoo qorqnnoo kanaa irratti hundaa'uun yaanni furmaataa armaan gadii kennamee jira.

- ✓ Barataan barreeffama kenname yeroon daangeffamee dubbisee hubachuu shaakaluun gaarii ta'a.
- ✓ Barattoonni barreeffama kenname tokko keessaa hiika dhokataa baasuu shaakaluun gaarii ta'a.
- ✓ Barattoonni hiika jechoota haaraa galumsarraa deebisuu yaaluun gaarii ta'a.
- ✓ Barattoonni sagalee olkaasuun yemmuu dubbisan, yeroon walqabsiisuun shaakaluun gaarii ta'a.
- ✓ Barsiisaan dubbisa dabalataa kennuun shaakalsiisuun gaarii ta'a.

## Wabiilee

Abersold, and Field (1997). *From Reader to Teacher: Issues and Strategies for Class Rooms*,

Cambridge's,up

Atkins J. et.al (1996). *Skill Development Methodology II*. Addis ababa: Addis ababa printing press.

Andualem Fiixee (2016).”*Sakatta’a Raawwii Adeemsa Baruu BarsiisuuDandeettii Dubbisuu Afaan Oromoo*”.Yuniversiitii Wallaggaa.

Atkins J. et.al .(1996). *Skill Development Methodology Part II*. Addis ababa: Addis ababa printing press.

Bamford, J. & Day, R. R. (2004).*Extensive Reading Activities for Teaching Language*. Cambridge, England: Cambridge University Press.

Berg, B. .(2001). *Qualitative Research Methods Staff for the Social Sciences*. California State University

Brown, H.D. (2000). *Language Assessment Principle and Classroom Practices*: Longman

Dastaa Dassaaleny.,. (2002). *Bu’uura Qorannoo*.Addis Ababa:Boolee printing Entrprise.

Devine, L. (1981). *Reading in High schools*. New York: Collier Educational.

Dr. M.FPatel and Praveen M. Jain.(2008) *English Language Teaching (Methods, Tools & Techniques)*Sunrise Publishers. Jaipur.

\_\_\_\_\_.(2013). *Bu’uura Qorannoo*. Addis Ababa:Maxxansa 2ffaa,Printed far East trading.

Ellis,R and B.Tomlinson(1980).*Teaching Secndary English*.Hong Kong:Wing Tai Chilling Printing co.Ltd.

Grallet F.(1981).*Developing Reading Skills*.New York:Cambridge University press.

Harmer, J. (2001).*The Practice of English Language Teaching*.England : Longman

Hudson, T. (2007).*Teaching Second Language Reading*. New York: Oxford: OUP

Printing Press.

Jennifer Cotter(2012).*Understaning the Relationship between Reading Fluency and Reading Comprehension*.Fluency Strategies as a Focus for Instruction.

Krashen,s.(2000).*Principles and practice in school Langu ion*. Oxford:Pearson.

Kral,Thomas (1994) *Teacher Development Washington*. I tates  
information Agency.

Miller, L. (1977). *Encreasing Reading Efficiency*. 4<sup>th</sup> Edition.Newyork:Educational Solution.

Long Mans (1995). *Teaching English as Aforein Language*. Washington,DC:Georgetown  
University press.

Mei-yun, Y. (1993). "Cohesion and the Teaching of EFL Reading". *English Teaching Forum*,  
31 (2), pp.12-21.

Namadi, K. (2005). *Guide to Teaching Reading at Primary School Level*.Parics : UNESCO

Nation, P. (1990).*Teaching and learning vocabulary*. Newbury House.

Norma W. Biedenharn (1975). *Basic Language and Meanings*. Washington, DC:Georgetown  
University press.

Nunan,D. (1992). *Research Method in Language Learning*. Cambridge: Cambridge University  
press.

Nuttall, C. (1982). *Teaching Reading Skills in Foreign Language*. London: Oxford  
University Press.

\_\_\_\_\_.(1987).*Teaching Reading Skills in a Foreign Language*.Londres:Heinemann.

Obsa Name (2016) "An investgation on the way of teaching and learning reading skills in  
English".Addis Ababa University.

Phillips and Sotirick (1982).*Steps to Readiang Proficiency*. Oxford University: Oxford  
Universitypress.

Smith, F. (1978). *Reading*. Cambridge: Cambridge University Press.

Wallace, C.(2003). *Reading*.Oxford:Oxford University press.

Williams,E. (1996).*Reading in the Language Classroom*.London:Macmillan Publisher Ltd.





## **Dabalee A –Bargaaffii Barattootaa.**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJII NAMOOMAA,QORANNOO  
AFAANOOTA JORNAALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO  
OGBARRUUFU FOOKLOORII.

Kabajamaa/ Kabajamtuu Barataa/ttuu

Kaayyoon guddaan bar-gaaffii kanaa waraqaa qorannoo digirii lammaffaa(MA)guutuuf, mataduree,“Qaaccessa dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan Mana Barumsaa Qophaa’ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup>” jedhuun dalaguuf ragaa funaanuufi. Kunis, dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa qaaccessuun sadarkaa irratti argamu adda baasuun furmaata kennuu yaala.Kanaafuu, hirmaannan keessan milkaa’ina qorannichaatiif murteessaa waan ta’eef, ragaa dhugaafi qabatamaa ta’e akka gumaachitan kabajaan isin gaafadha. Iccitiin isaas dhimmuma qorannoo kanaa qofaaf kan oolu ta’uusaa isinii mirkaneessaa odeeffannoo dhuunfaa kee bakka duwwarratti erga guuttee deebii gaaffilee raawwataniif mallattoo( ✓ ) kaa’uun deebisi. Sadarkaa deebii kees **1=Yeroo hundaa 2=Yeroo baay’ee**

**3=Darbee darbee 4=Gonkumaa** kan bakka bu’u ta’uu hubachuun deebisi.

Gargaarsa naa gootaniif hedduu galatoomaa!

### **Odeeffannoo Dhuunfaa**

I- Maqaa mana Barumsaa \_\_\_\_\_

II- Kutaa barataa/ttuu \_\_\_\_\_

III- Saala \_\_\_\_\_

IV- Umrii \_\_\_\_\_





## **Dabalee C- Afgaaffii Barsiisotaa**

Yuunvarsitiiti Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,  
Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo,Hogbarruufi Fookloorii.  
Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa,Dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan  
Qophaa'ina Komboshaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> Qaaccessuudha.Kana ilaalchisee ragaa funaanuuf af-gaaffiin  
isiniif/barsiisotaaf dhiyaateera.Hirmaannaan keessaan milkaa'ina qorannichaatiif olaanaa  
waanta'eef, ragaa haqaafi qabatamaa akka gumaachitan kabajaan isin gaafadha. Iccitiin isaas  
dhiimmuma qorannoo kana qofaaf kan oolu tahuu isiniif mirkaneessa.  
Deeggarsa gootaniif galatni koo guddaadha.

### **I. Odeeffannoo dhuunfaa**

.Umrii\_\_\_\_\_

.Sadarkaa barnootaa\_\_\_\_\_

Muuxannoo hojii/bara tajaajilaa\_\_\_\_\_

Gosa barnoota ittiin leenjifamtan muummee\_\_\_\_\_aantee\_\_\_\_\_

.Baay'ina wayitii Afaan Oromoo torbanitti barsiisu/stu\_\_\_\_\_

### **II.Gaaffiilee armaan gadiif deebii sirriifi ifaa barreessuun kenni.**

1. Barattoonni barreeffama tokko dubbisani akka hubatan akkamiin taasista?
2. Barreeffama tokko dubbisani akka deebisaniif,barattootaaf(yeroo qormaataan alatti yeroo  
nikennitaa? Deebiin kee "Eeyyee" yoo ta'e,akkamitti? "Lakki" yoo jette, maaliif?
- 3.Callisaan dubbisiisuun gaaffilee adda addaa nideebisiistaa? Deebiin kee "Eeyyee" yoo  
ta'e,akkamitti? "Lakki" yoo jette, maaliif?
- 4.Sagalee olkaasani akka dubbisan yemmuu taasistu,dandeettii dubbisuu isaanii akkamiin
5. Barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii akka cimsataniif akkamiin deeggarta?
- 6.Dandeettiin dubbisuu barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> sadarkaa akkamiirratti argama jettee yaadda?

## **DABALEE D-QORMAATA DUBBISAANWALQABATE.**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJII NAMOOMAA,QORANNOO  
AFAANOOTAA JORNAALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO  
OGBARRUUFU FOOKLOORII

### **GAAFFILEE ARMAAN GADII DUBBISA WALIIN WALQABATE**

#### **AKKAATAA GAAFATAMTEEN DEEBISI.(yeroo kenname,30')**

#### **Gaaffilee Qormaata Dbbisa Duraa**

I.Dubbisicha Otoo Hindubbisiin,Muuxannoo keerratti hundaa'uun Gaaffilee Armaan Gadii Barreessii Deebisi.

- 1.Afoolli maali?
- 2.Dameewwan afoolaa tarreessi.
- 3.Durduriin Oromoo maali?
- 4.Dubbisni kun waa'ee manguddootaa ilaalchisee maal kan ibsu sitti fakkaata?

#### **MANGUDDOOTA LAMA**

Manguddoota lamatu turan.Manguddoonni kun lamaan waan humni isaanii dadhabeef hojjetanii nyaachuu hindanda'an.Kanaafuu,mana ilma isaaniitti galanii ilma isaaniin sooramu turan. Ilma tokko qofa isaan qaban kunis gar-malee waan isaan jaallatuuf,ijaafis isaan hinamanu ture.

Ilmi isaanii kun,immoo qofaatti bakka ciisichaa isaaniif qopheessee yeroo hundaa galgala galgala erga irbaata isaanii nyaatanii maayiirratti lafa ciisichaa isaanii dhaquudhaan hanga hirribni isaan qabutti ibidda qaqaammachuun dalagaa isaanii ture.Isaan lachuu waliif rima waan hinturreef waldhabdee malee waliin taphachuun beekamu.Sooromuu baatanis,dhiphina malee ofdanda'anii kan jiraachaa turaniifi miilla arriis turaan.Guyyaa tokkos akkuma duraan baran taa'anii osoo ibidda qaqaammatanii,yaadannoo yeroo durii isa yeroo ofdanda'anii waliin jiraataa turanii, kaasanii haasa'uu eegalan.Haasa'aa isaanii keessa jaartiin,"Yeroo ati ulee kee ishee qalloo sana qabattee baqqaaloo kee qoleerra buufattee yaa'ii jettee manaa baatu,akkaman gubadha sitti fakkaatee?" jette isa yeroo ijoollummaashee yaadachaa.Innis,"Atimmoo yeroo wandaboo kee isa dhutti isaa huffaa keerra ciisurratti balee kee isa aannan muchaa bahu fakkaaturratti dhangalaaftee manaa baatu,anis akkasuman gubadha." jedhe.Haasawaan haasawaa fidee,haasawaa erga turanii booda lamaan isaaniyyuu siree siree mataa isaanii koranii haaciisan malee,ijji isaanii akka nama dukkan keessaan walarguu jalatti siree walii ilaalaa,haasawaan itti

fufee ture.”Jaartii koo mee har’oo bu’ii nabira koottu.”jedheen.Jaartiinis gaaffiisaa afaaniin osoo hindeebisiin,gochaan mul’isuuf sireerraa buutee gara jaarsaatti ce’uuf miilla ishee gara lafaatti yoo ergitu,ramacii daaraa uffaterra ejjetee waan ishee gubeef,”Nan gubadhe wayyoo!” jette. Jaarsis,garuu waan darbeef maalsaa gubatta koottu!”jedheen.Isheenis,-----“  
Innis,naasuudhaan ka,ee mixii irra ejjetee miidhame jedhama.

Madda: Durdurii Oromoo (jechoota 250)

Gaaffilee Qormaataa Yeroo Dubbisuu

Gaaffilee Armaan Gadii Akka Dubbisichaatti Qubee Deebii Sirrii Qabate Bakka Duwwaa Fuuldura Gaaffichaarratti Barreessuun Deebisi.

\_\_\_5.Yaada ijoo dubbisichaa kan ta’e kami?

A.waljibbuu manguddootaafi siree adda addaarra ciisuu

**B.**mana ilmaatti sooromuu manguddootaafi waljaalachuu manguddootaa

C.siree tokkorra ciisuu manguddootaa

D.tattaafachuun baay’ee sooromuu manguddootaa

\_\_\_6.Akka dubbisichaatti soba kan ta’e kami?

A.manguddoonni waljaallatu.

B.manguddoonni galgala galgala waliin haasa’u.

C.jaarsi otoo hindulloomiin jaarsummaa taa’a ture.

**D.**manguddoonni walii hingalan ture.

\_\_\_7.Jaartiin” Nan gubadhe wayyoo!” kan jette maaliif?

A.waan aarteeff

B.waan isa durii yaadatteeff

**C.**waan ibiddarra ejjeteeff

D.waan jaarsa jibbiteeff

\_\_\_8.”Miilla ishee gara lafaatti yoo ergitu,” yoo jedhu maal jechuudha?

A.yoo fiigdu

B.yoo utaaltu

C.yoo siree irraa buutu

**D.**yoo lafa adeemtu

\_\_\_\_\_9."Wandaboo" (keeyyata 2, toora 13) yoo jedhu,maal jechuuu isaati?

A.marxoo

B.sabbata

C.qoloo(qamisii)

D.marata(shaashii)

\_\_\_\_\_10."balee kee isa aannan muchaa ba'e fakkaatu," (keeyyata 2,toora 13) yoo jedhu maal ibsuu barbaade?

A.ho'ina

B.qal'ina

C.jabina

D.addeenya

\_\_\_\_\_11.Akka dubbisichaatti manguddoonni ijoollee meeqa qabu ture?

A.tokko

B.lama

C.sadii

D.afur

\_\_\_\_\_12.Faallaan jecha "maayirratti"(keeyyata2 toora 5ffaa) jedhuu maali?

A.dhumarratti

B.booda

C.jalqabarratti

D.dhumarratti

\_\_\_\_\_13.Bamaqaan "innis" (keeyyata 2,sara 12 ) maal bakka bu'a?

A.ijoollummaa jaarsaa

B.ijoollummaa jaartii

C.wandaboo

D.jaarsa

\_\_\_\_\_14.Hiikni galumsaa jecha "balee" (keeyyata 2, sarara 13 ) jedhuu maali?

A.gaabii

B.wandaboo

C.balasee

D.marxoo

\_\_\_\_\_15.Hiikni galumsaa jecha “baqqaaloo” (keeyyata 2, sarara 11 ) jedhuu maali?

A.uffata haphii

B.ulee

C.uffata kuula qabu

D.uffata halkanii

\_\_\_\_\_16.Hiikni dhokataan gaalee,”miilla arrii” (keeyyata 2,sarara 8 ) jedhuu maali?

A.bakka baay’ee kan beeku

B.miilla ture

C.miilla jabaa

D.miilla guddaa

\_\_\_\_\_17.Hiikni dhokataan jecha,”rirma” (keeyyata 2,sarara 6 ) jedhuu maal ta’a?

A.ilbiisa mixii fakkaatu

B.dhoksaan kan nama miidhu

C.ilbiisa mukkeen burkuteessu

D.ilbiisa nama ciniinu.



## **Gaaffilee Qormaataa Dubbisa Duraa**

### **Gaaffilee Armaan Gadii Dubbisa Oliirratti Hundaa'uun Akkaataa Gaafatamteen**

#### **Barreessii Deebisi.**

18. Gochawwan armaan gadii tartiiba sirriin hinteenye. Akkaataa dubbisichaatti duraa duuba isaa eeguun barreessuun tartiibessi.

- a. Jaartiin yeroo jaarsi uffatee jaarsummaaf manaa ba'u yaadatte.
- b. Manguddoonni umuriin deemuun ilmatti soorama galan.
- c. Jaartiin miillaa gubatte.
- d. Jaarsi yeroo jaartiin uffatee manaa baatu yaadate.
- e. Jaarsi, jaartiin siree isheerraa buutee akka isa bira dhaqxu gaafate.
- f. Manguddoonni galgala galgala ibiddarra taa'anii haasa'u turan.

19. Akka yaaddutti jaarsi, "garuu waan darbeef maalsaa gubatta koottu!" jedheen. Isheenis, "-----" jettee deebisteef, jedhama. Kan jedhu barreessuun durduricha xumuri.

20. Dubbisa/durdurii armaan olii yaada mataa keetiin gabaabsii barreessi.

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorataa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

Ani Dr. \_\_\_\_\_ barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_